# XIINXALA WALDHABBIIFI ERGAA ASOOSAMA DHEERAA MADAA CIQILEE

**HIRKISAA MAAMMOO**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORIIN GAMISAAN GUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**
**KOLLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,**
**JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTII,**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**
**FINFINNEE**

# XIINXALA WALDHABBII FI ERGAA ASOOSAMA DHEERAA MADAA CIQILEE

**HIRKISAA MAAMMOO**

**GOSITUUN; DR; KURII BAAYISAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII GAMISAAN GUTTACHUUF DHIHAATE**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI**

**FOOKILOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTII,**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**FULBAANA 2014/2021**
**FINFINNEE**

## GALATA

Duraan dursee waaqayyoo isa yoonaan na ga'ee hojii kana akkan hojjedhee xumuruuf nagargaare baay'een galateeffadha.

Itti aansuun immoo , hojii kana jalqabaa hanga xumuraatti nuffii tokko malee haala gaariin akkan hojjedhee fiixaan baasuuf kan nagargaaran Dr Kurii Bayisaa galanni koo danuudha.

Akkasumas, jalqabaa hanga dhumaatti akkan baradhee xumuruuf kan na Gargaaran Abbaa koo Obbo Maammoo Guddataafi haadha koo Aaddee Baashanee Addimasuu aarsaa isaan hanga har'aatti naaf godhan hundumaaf waaqayyoo guddaa isaan haa eebbisun jedha. Itti dabaluun. Obboleewwan koo kan ta'an Nagaaraa Maammoo fi Maasaluu Maammoo yeroo barumsa koo keessatti gargaarsa isaan gama gorsaan, jajjabinaafi qarshiin na cina dhaabbataniif guddaan galateeffadha.

Itti dabalees, Kompiwuuteraan kan naaf barreessee nagargaare Hiyaasuu Baanti utuun hin galateeffatin hin darbu

**Baafata** **Fuula**

GALATA ........ i
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1 Seen Duubee Qorannoo ........ 1
1.2 Ka'umsa qorannoo ........ 2
1.3 Kaayyoo Qorannoo ........ 3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 3
1.3.3. Faayidaa Qorannoo ........ 4
1.3.4. Mala Qorannichaa ........ 4
1.4 Barbaachisummaa qorannoo ........ 4
1.5. Daangaa qorannoo ........ 4
1.6. Hanqinna Qorannoo ........ 5
1.7. Iddaattoo Qorannoo. ........ 5
1.8. Mala Iddateessuu. ........ 5
BOQONNAA LAMA ........ 6
2 Sakkatta'a Barruu ........ 6
2.1 Maalummaa ogbarruu ........ 6
2.2 Gosoota ogbarruu ........ 6
2.2.1 .Ogbarruu Barreeffama ........ 7
2.2.2 Asoosama ........ 7
2.2.3 Asoosama Dheeraa ........ 8
2.3 Caaccuulee Asoosama ........ 8
2.4 Waldhabbii ........ 9
2.4.1 Yaadrimee waldhabbii ........ 9
2.4.2 Faayidaa Waldhabbii ........ 9
2.5 Gosoota Wadhabbii ........ 9
2.5.1Waldhabbii Qooddataan xiinsammuu Isaa wajjiin Taasisu ........ 9
2.5.2 Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa Gidduutti Uumamu ........ 10
2.5.3 Waldhabbii Qooddattoonni Humnoota Uumamaa Wajjiin Taasisan. ........ 10
2.5.4 Waldhabbii Qooddattoonni Hawaasa wajjiin Taasisan ........ 10

2.5.5 Waldhabbii Qooddataan Teekinooloojii Wajjiin Taasisu ....................................... 10
2.6 Amaloota waldhabbii ........................................................................................ 11
2.6.1 Tokkummaa ........................................................................................ 11
2.6.2 Dagaagina ........................................................................................ 11
2.6.3 Ragaalee ........................................................................................ 11
2.6.3 Sakatta’a Dookumaanti ........................................................................................ 12
2.6.4 malleen Xiinxala Ragaalee ........................................................................................ 12
2.6.5 Maalummaa Ergaa ........................................................................................ 12
2.6.6 Amanamummaa ........................................................................................ 13
2.6.7 Sakkatta.a barruu wal-fakkii ........................................................................................ 14
2.6.9 Garaagaruumaa isaan qaban. ........................................................................................ 14
2.10 Ergaa Ijoo ........................................................................................ 17
2.10.1 Walitti dhufeenya waldhabbiifi ergaa ........................................................................................ 17
2.10.1.2. Walitti Dhufeenya Ergaafi Yoomeessaa ........................................................................................ 18
2.10.1.3. Ergaafi Qooddataa ........................................................................................ 18
BOQONNAA SADII 19
3. XIINXALA WALDHABBII FI ERGAA ASOOSAMA MADAA CIQILEE ........................ 19
3.1. Qaacceessa Qabiyyee Waldhabbii Asoosama Dheeraa Madaa Ciqilee ........................ 19
3.1.1. Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa ........................................................................................ 19
3.1.2. Waldhabbii Shewaayinesh fi Dargaggoota Oromoo ........................................................................................ 19
3.1.3. Waldhabbii Lammeessaa fi Poolisii (Qorataa yakkaa ........................................................................................ 21
3.1.4. Waldhabbii Tiraafiikii, Konkolaachisaa fi Obboo Galataa ........................................................................................ 21
3.1.5. Waldhabbii Qoodataa fi Uumaa ........................................................................................ 23
3.1.6. Waldhabbii Falmataa fi Uumaa ........................................................................................ 23
3.1.7. Waldhabbii xiinsammuu Qooddataa xiiqaa ........................................................................................ 24
3.1.8. Waldhabbii Falmataa fi Sammuu isaa ........................................................................................ 24
3.2. Ibsa Gabaabaa waa’eeKitaabicha fi Qooddattoota Isaa. ........................................................................................ 25
3.3 Maalummaa Ergaa ........................................................................................ 25
3.3.1. Xiinxala Ergaa Asoosamichaa ........................................................................................ 26
3.2.2. Xinxala Ergaawwan xixiqqoo Asoosamichaa ........................................................................................ 26
3.3.3. Ergaa Xixiqqoo ........................................................................................ 26
3.3.4. Ergaa Guddaa, ilachaa sabni amaaraa sabaa Oromoofi qabani. ........................................................................................ 26

3.3.5. Ergaa Eenyuma ofi Beekuu dhabuu ........................................................27
3.3.6. Dhugaa kallattii Siyaasaatiin ........................................................28
3.3.7. E rgaa Jaalala Haadhaa ........................................................29
3.3.8. Ergaa Namaaf Gadduu/garaa lafummaa) ........................................................30
3.3.9. Ergaa Guddaa asoosamichaa ........................................................31
3.4. Hariiroo waldhabbiifi Ergaan Asoosama madaa ciqilee keessatti Qaban ........................................................32
BOQONNAA AFUR: ........................................................33
GUDUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ........................................................33
4. Guduunfaa ........................................................33
4.1. Xumura/Conclusion ........................................................33
4.2 Argannoo ........................................................35
4.3 Yaada Furmaataa ........................................................35
WABIILEE. ........................................................37
Waraqaa mirkanneeffannoo ........................................................38

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seen Duubee Qorannoo

Ogbarruun seenaa dhalli namaa jiruuf jireenya isaa keessatti muudannoowwan adda addaa keessa dabruun akka jiraatu ni beekama.kana jechuun kanneen akka gadda, gammachuu,jaalachuu ,jibbuu,argachuu,dhabuu fikan kana fakkaatan isaa muudatu.Muudannoowwan isa kanneen kan ittiin ibsatu keessaa tokko ogbarruudha.Yaada kana ilaalchisee Zarihuun(1992:142) akka jedhutti "ogbarruun kan dhalli namaa muudannoo isaa ittiin ibsatu,aadaa isaa ittiin calaqqisiisu,kalaqa afaanii barreeffamaati."jechuun ibsee jira.Yaada kana irraa kan hubannu dhalli namaa muudannoo jiruu fi jireenya isaa keessatti isa muudatu kanittiin ibsatu ogbarruu akka ta'e ibsa.

Ogbarruu bakka gurguddoo lamaati qoodu dandeenya isaaniis ogbarruu barreeffamaa fi ogbarruu afoolatti.Yaadakana ilaalchisee Asafaan(2009) akka jedhutti <<Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee,jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis tahee barreeffamaan miidhagsee mi'eessee kan dabarsuudha>>jechuun ibsee jira yaada kana irraa kan hubatamu dhalli nama dandeetti kalaqa sammuu isaa irratti hunda,uun jechoota filatamoo ta'aniin barreeffama fi afaaniin kana jechuun ogbarruu barreeffama fi ogbarruu afoolaatti dhimma bahuun ergaa waliif kan dabarsu ta'uu isaati.

Ogbarruun barreeffama bakka gurguddoo sadiiti qoodama.Isaaniis Asoosama,walaloo fi dooyiidha.Asoosamni goorowwaan ogbarruu jiran keessa isa tokkoodha.Yaada kana Asaffaa Tafarraa (2009:36) wabeeffachuun yommuu ibsu <<goorowwaan ogbarruu keessa asoosamni, diraamaa fi walaloon isaan gurguddoodha.>> jedha.Yaadni kun ogbarruun goorowwan gurguddoo sadii akka qabu akkasumas,asoosamni goorowwan kanneen keessa tokko akka ta'ee kan ibsudha.Kana malees asoosamni caaccuulee garagaraa kana akka jaargochaa,waldhabbii,yoomessaa,ergaa fi kan kana fakkaata of keessaa qabudha.Kunis waldhabbii caaccuulee asoosama keessa tokko akka ta'e kan nutti agarsiisudha.Yaaduma kana irraatti hunda'uun caaccuuleen kunis wal dhabbii, yoomessaa,sabseenaafi ergaadha. Qorannoon kunis asoosama dheeraa afaan Oromoo asoosama dheeraa madaa ciqilee jedhamu keessatti waldhabbiifi ergaa argaman xiinxaluu irratti geggeeffame.

asoosama dheeraa afaan oromoo keessaa tokko ta'ee Israa'el Habtaamuutiin asoosamni madaa ciqilee mata duree jedhuun bara 2013 subi printing press maxxanfame. Asoosamni kunis maxxansa jalqabaa. Ta'ee fuula dhibbaafi soddomii sadii kutaadhan kan qoqoddamee

miti Barreessaan asoosama kans Israa'el Habtaamuti. Asoosamaan kun kan maxxanfame mana maxxansaa subi yoo ta'u asoosaan Israa'el Habtaamuu yunivarsitii Ambootti Barsiisaafi Barreessaa, yuuunvarsitti Finfinneetti ammo barataa PHD Kan ta'eedha. Dhimmootni kitaabni kun of keessa qabus kan akka ergaa eenyummaa ofii walaaluufi ergaa oromummaa of keessatti qabata.

Irratti xiyyeeffatu waldhabbiifi ergaa asoosama dheeraa mata dureen Madaa Ciqilee jedhu irratti.Waldhabbii walitti bu'insa humnoota walgitan lama giddutti taasifamuudha.Kana jechuun walitti bu'insa yaada qaamota walmorman gidduutti uumamuudha.Yaada kana taaddasaan(2006:19)yommuu ibsu <<conflict is the tention in situation between character or actual opposing between the character usually in drama,novel and short story>>jedha.Yaada kanarraa kan hubannu waldhabbii taatee haala wayii keessatti qooddattoota gidduutti keessattuu diraamaa ,asoosama dheeraa fi gabaabaa keessatti bal'inaan kan uumamu akka ta'eedha.

### 1.2 Ka'umsa qorannoo

Ogbarruun oromoo sadarkaa ogbarruu biraatiin wal bira qabamee yoo ilaalame guddatee kan mul'atee mti.Akka inni hin guddanneef wantoonni dubbatti harkisan dhibbaan mootota biyyaatti baay'ee hamaa waan tureef.Yaada kana ilaalchisee seenaan ogbarruu oromoo sirna garbummaa jaarraa 19ffaa keessa itoophiyaa keessatti babal'ate fudhannee ilaaluu dandeenya.Jaarraa kana keessa sababii daldala garbaan kutaalee biyyatti garaagaraa keessaa dargaggoonni hedduun ukkaamsamuudhan fudhatama turan.Keessumattuu oromiyaa keessaa,dargaggoonni baay'een qabamanii gurguraman kunniin akkuma meeshaa gara biyyoota Awurooppaa fi Arabaatti bal'inaan geessamaa ture.Yaada kana ilaalchisee akka(Pankhurst) madda garaagaraa waabeffachuun jedhuutti bara 1830 keessa dargaggoonni lama kan maqaan isaanii waaree fi gaboojedhamaan gabrummaadhan jimmaa bakka limmuu jedhamurraa fudhaatamani gara ardii Awurooppaatti geefamuun gurguurama turan jechuun ibsee jira.

Namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessaa darbuun ogbarruu oromootiif gumaacha gudda taasiisa turaniiru.Raakkoowwan kun namoota hedduu irraatti gama ogbarruutiin miidha geesiisus namoonni muraasni rakkoowwan kanneen keessa osoo jiran ogbarruu keessa asoosamoota muraasa barreessu danda'aniiru.Ta'us kanneen barreeffaman irraatis qorannoon bal'inaan gaggeeffame hin jiru.Kuniis rakkoo addaati.Qorataan qorannoo kanaa kitaabicha irraatti qorannoon kana dura hin hojjatamne jedhe waan yaadeef hamma danda'ameen

qorannoo gaggasseessera.sababni qorataan kitaaba kana filateef haalli ijaarsa waldhabbii asoosamicha bifa nama hawatuun taa'uu fi addunyaa qabatama haalaan ibsuu danda'uu isaatiifi

Akka kitaabni world book vol,4(1994:442) ibsutti <<criticism plays an importantpart in every art forme>> jedha.Rakkoolee gama qorannoo kanaan mul'atan keessaa tokko asoosamni barreeffaman jiran kun caaccuuleen asoosama akkaata xiinxala yeroo amma yookiin ammayyaa waliin yeroo wal bira qabamanii ilaalaman hangamtu sirrii yookiin sirrii miti jedhu beekuu dhabuudha.Faayidaan kana beekuus asoosama barreeffaman qeequun yookaan xiinxaluun waldhabbii asoosama keessa jiru sirritti ijaaramuu fi dhiisuu isaa ibsa.Rakkoon kunis qorannoon kun akka gaggeeffamuuf qorataa kana kakaaseera.

Walumaagalatti qorataan kun gaafilee armaan gaditti ka'an akka ijootti qabachuun qorannoo kana kan gaggeesseedha.

1. Waldhabbii akaakuu kamtu asoosama kana keessatti argama?
2. Waldhabbii jiran sadarkaalee waldhabbii keessa darbaniiruu?
3. Waldhabbii kun addunyaa dhugaa keessatti maal ibsa?

## 1.3 Kaayyoo Qorannoo

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qoroo qorannoo kan inni guddaan waldhabbiifi ergaa asoosama MADAA CIQILEE keessa baasuun agarsiisuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooree qorannoo kanaa:

- Ga'ee waldhabbii asoosamichaa keessatti fudhate eerukana keessa jiran adda baasuu.
- Sadarkaalee waldhabbii asoosama kana adeessuu.
- Waldhabbii addunyaa dhugaa keessatti maal akka ta'e ibsuu.
- Wal dhabbiiwwan asoosamicha maal maal akka ta'an adda baasuu
- Gosoota wal dhabbii asoosama MadaaCiqilee keessatti mul'atan agarsiisu
- Ergaawwan asoosamichaa kanneen gurguddoofi xixiqqoo adda baasuu.

### 1.3.3. Faayidaa Qorannoo

- Guddina ogbarruu oromoof gumaacha godha.
- Nama ergaa fi waldhabbii asoosama Madaa ciqilee beekuu barbaaduuf ni gargaara.
- Namoota gara fuula duraatti qorannoo bal'aa mata duree kanarraatti geggeessuf barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa waldhabbii fi ergaa asoosama MadaaCiqilee xiinxaluudha. Akkasumas ergaa gurguddaafi xixxiqqaa keessaa baasuun agarsiisuudha. Kana malees waldhabbiifi gosa waldhabbii jiran addaan baasuun agarsiisuudha. Waldhabbiifi ergaa kanaa immoo yaada jiru gabaabinaan fudhachuun akka ragaatti gargaaramna. Kanaafuu qorannoon kun adeemsa isaa keessatti daangaa kanaan ala ba'e hin qoratamu.

### 1.3.4. Mala Qorannichaa

Qorannoo kanaa keessatti Mddi raga asoosama Madaa ciqilee xiinxaluudha. raagaaleen kitaaba kana keessaa funaanamanis yaadrimewwan sakatta'a barruu keessatti ka'an irratti hundaa'uun xiinxalamu.

### 1.4 Barbaachisummaa qorannoo

Barbaachisummaan qorannoo faayidaa qorannichi kennuu irraatti xiyyeeffata.Kana malees qorannichi qarqara beekumsa kan bal'isu yoo ta'e akkamitti akka galma ga'u kan ibsudha.Kanaafuu qorannoon tokko yommuu qoratamu gaafiilee fi rakkoolee adda addaaf furmaata barbaaduuf gahee guddaa waan qabuufi.

Argannoon qorannoo kanarraa argamus faayidaalee armaan gadii qabaachuu danda'a.

- Faayidaa waldhabii asoosama keessattiqabuibsuu danda'a.
- Namoota qorannoo isaanii ogbarruu keessattuu waldhabbiifi ergaa asoosamaa irratti hojjachuu barbaadaniif ka'umsa ta'uu danda'a.
- Dhaloota gara fuulduraatti gadi fageenyaanasoosama kana irrattis ta'ee kan biro irratti qorannoo hojjachuu barbaadaniif ni tajaajila.
- Maalummaa waldhabbii caacculee asoosamaa kanneen biro irraa adda baasanii beekuf ni tajaajila.

### 1.5.Daangaa qorannoo

Ogbarruun yaadrimee bal'a ofkeessa kan qabuu fi gooroowwan hedduu kan of keessaa qabudha.Haata'uumalee, qorannoon kun gooroowwan ogbarruu keessaa asoosam dheeraa fi

caaccuulee asoosama dheeraa keessaa waldhabbiifi ergaa asoosama dheeraa madaa ciqilee jedhu irratti kan daangeeffamedha.

Sababni qorataan qorannoo kanaa mata duree kanaan daangesseef,hanqinoota kanneen akka yeroo fi maallaqaa fa'a irraa kan ka'e caaccuulee asoosamicha keessa jiran si'a tokkoon ibsuu waan hin dandeenyeefidha.

### 1.6.Hanqinna Qorannoo

Hojjii kammiyyuu hojeetanii xumuruuf hanqinni nama muddachuu danda'a. Qorannoo kanaa keessattis hanqinonni akka; hanqinna mallaqaa, hanqinna yeroo fi haqinni adda addaa qoraataa kanaa muddataniru. Qoraataan kun hanqinoota kanaan hanga danda'ame fuuruun qorannoo isaa adeemsisuun galmaan gahee jira.

### 1.7.Iddaattoo Qorannoo.

Malli iddaattoo qorqqtqqn kun dhimma itti ba'ee mala miticarraa yoo ta'uu kitaaboota asoosama jiran keessaa kitaaba asoosamaa.Madaa ciqilee xinxala waldhabbii fi ergaa kan jedhu keessatti qorannoo isaa geggeesse jira.

### 1.8. Mala Iddateessuu.

Hojii qorqnnoo keessatti iddattoo muraasa fudhaachuun qorannoo geggeessuun barbaachisaadha. Innis amanammuummaa fi fudhatamummaa qorannoo sanaattif murteessadha. Qoraataan kun mala iddaatteessutti dhimma ba'uun iddaatteesse jira.kanas kitaaboota asoosama dheeraa fi gabaabaa afaan oromoon barra'ee lakkoofsan hedduu ta'an keessaa filachuun qoraataan kunis caaccullee kannen akka nam fakkii , jargoocha,yoomeessa,waldhabbii,ergaa, kanneen akka ergaa xixiqqoo fi ergaa gurguddaa gurguddaa fi k.k..f ta'uu.Qoraataan kanneen keessa ija waldhabbii ergaa fudhaachuun qoraannoo isaa kanaa geggeesse jira.

# BOQONNAA LAMA

## 2 Sakkatta'a Barruu

Sakattta'a barruu walfakkii keessatti qorannoon kanaaan wal fakkaatan waraqaawwan eebbaa barattoota digirii tokkoffaatiin qo'atamaniiru. Waraqaawwan ebbaa jiran kunneen baay'een isaanii afaan ingiliziin kan qo'atamaniiru. Waraqaawwaan eebbaa jiran kunneen baay'een isaanii Afaan Ingiliziin kan qo'ataman yoo ta'u, hammi ta'e immoo Afaan Amaaraan kan dalagamniidha. Afaan Oromoon kan jiru ta'us hanga ammaatti mana kitaabaa hin seenne. Haata'u egaa waraqaawwan jiran kanneen keessaa waldhabbii irratti kan jiran afaan ingilizii fi Amaariffaan, akkasumas ergaa irratti kun afaan ingilitiin dalagame fudhatamuun barruu <<Major features of conflicts in ten post 1974 Amharic short stories>>(1990),Felleqech Haayiluu Afaan Amaaraan kan dalagame ergaa irratti immoo: Yewoynisheet Maasirashaa<< Analysis of the major themes in Dick king smith's the stray (1992) fi Raahimetuu Beyyenne<<theme and structure in Heart of Darkness>>(1992) FA'I, Waraqaan Eebbaa Gaaddisaa Birruu <<Major features of conflicts in ten post (1974) Amharic short stories jedhu dha.

### 2.1 Maalummaa ogbarruu

Dhalli namaa jiruu fi jireenya isaa ittiin gaggeeffachuuf ogumati fayyadamaa turuun isaa beekamadha.Ogbarruun immoo dame ogumaa keessa isa tokkoodha.Ogbarruun ogumaa umrii dheeraa qabu ta'u isaa irraa kan ka'e hayyoonni garaagaraa yeroo adda addaa keessatti hiika adda addaa kennaniiru.Kunis kan agarsiisu,ogbarruudhaaf hiika tokko kennuun ulfaataa taa'uuisaati.kanuma bu'uureeffachuun hiika hayyoota muraasaa yoo ilaalle:melakneh(1999:1) hayyuu sirw,releigh wabeeffachuun yoo ibsuti <<literature is a creative work of art which express the truth of experience interms of beauty to be comprehended and it is a means of communicating idea of intellectual and social significances>>jedha

Yaada kana irraa kan hubannu,ogbarruun ogummaa hojii kalaqaa kan muuxannoo dhugaa bifa bareedina qabuun akka hubatamuu danda'utti ibsuu fi karaa walii galtee yaada hayyootaa akkasumas, yaada hawaasaa barbaachisan akka ta'edha.Kanaaf, yaadoolee hawaasa keessa jiran karaa ogbarruutiin hubachuun kan danda'amu ta'uu as irraa hubachuun ni danda'ama.

### 2.2 Gosoota ogbarruu

Ogbarruun bal'innaa fi uumama isaatiin yoo ilaalame bakka gurguddoo lamatti qoodama.Isaanis ogbarruu barreeffama fi ogbarruu afoolaati.Yaada kana ilaalchise

fedhaasaan(2013)akka ibseetti ogbarruun hojii kalaqaa afoola fi barreeffama hammatuudha ogbarruun kalaqaa sammuu dhala namaa tahee ogummaa dandeettii aadaa,falaasamaa fi haala jiruu fi jireenya dhageettii keessoo ofii gaddaa fi gammachuu qaban kan ittiin ibsataniidha

Akka yaada kanarraa hubatamutti 0gbarruun ogbarruu barreeffama fi ogbarruu afoola akka of keessatti hammatu kan nutti agarsiisudha.Akksumas ogbarruun afoola kan afaaniin dhaloota dhalootatti daddarbu yoo ta'u, ogbarruun barreeffama ammoo kan barreeffaman dhaloota dhalootatti daddarbudha.

### 2.2.1 .Ogbarruu Barreeffama

ogbarruun barreeffama kan barreeffaaman dhaloota dhalootatti darbu ta'ee gosoota barreeffama kanneen akka asoosasma, walaloo, fi dooyii(diraamaa) of keessatti kan hammattuudha.Akkasumas asoosamni gosa ogbarruu barreeffama keessa tokko kan ta'ee fi ogbarruu barreeffama jalatti kan hammatamuudha.Yaada kana ilaalchise Beekan Guulummaa Irrannaa(2013:8) yoo ibsu <<dhali namaa barreeffaman osoo of ibsu hin eegaliin

dura ogafaan, afoola yookiin fakkii fi bocaan yaada isaa ibsachaa ture.Ogafaan damelee adda addaa kanneen akka mammaksaa, oduu durii, sheekkoo, geerarsaa fi kan kana fakkaatan kan qabu yoo ta'u, Ogbarruun immoo dameelee kanneen akka asoosama,ogwalaloo,fi dooyii of keessatti hammata.>>

Yaada kana irraa kan hubatamu ogbarruu barreeffama kan dhalli nama barreeffamanergaa walii dabarsuuni fi damelee kanneen akka asoosama, ogwalaloo, fi dooyii of jalatti kan hammatu ta'u isaa kan nu hubachisudha, akkasumas ogbarruu barreeffama gosa ogbarruu akka ta'e nutti kan mul'isuudha.

### 2.2.2 Asoosama

Asoosamni akaakuu ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee seeneffama sababaa fi bu'aa bu'ureffate tartiiba ta'insoota fi raawwilee garaagaraa kanneen akka namfakkiilee, yoomessa, waldhabbii, qoodattootaan, ijaaramuunkan qindaawaa deemuudha.

Asoosama jechuun wanta tokko osoo hin taane wanta ta'uu danda'u waan dhugaa fakkaatu jechuudha.Addunyaa akka waan harkatti qabatanii namatti fakkeessa.Warra hin beekne wajjiin akka boowan, gammadan, gaddan, rakkatanii fi dhiphatan nama taasiisa. Jechoota salphatti fayyadamee waan barreeffamuuf dubbisuun isaa nama hawwachisa.

Kana malees asoosamni yaada dubbisa fi barreessa walitti fiduu qofa osoo hin taane, namoonni yaada sammuu isaaniitin akka burqisiisaan isaan godha.Yaada kana ilaalchise Meryer (1997:11-12) irratti akka ibseeti dhugummaan dubbisa fi barreessaan hojii kalaqaa tokko uumu.Yaada kanarraa wanti hubatamu hojiin dubbiisa fi barreessa inni guddaan wanta tokko bifa haaraa yookaan kalaqaa qabuun kalaquun ka'uudha.Asoosama bakka lamatti qonne ilaaluu dandeenya isaaniis asoosama dheeraa fi gababaadha.

## 2.2.3 Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan seenessaa bal'aa kan of keessa qabuu waan ta'eef akka hojii kalaqaatti kan fudhatamudha.Tartiiba ta'iinsa muuxannoo dhala namaan walqabsiisee kan dhiyeessudha.Waan fedheefis ta'ee asoosamni dheeraan kalaqa seenessa hololoo dheeraa namaa fi amaloota, raawwilee dinqisiisaa fi hawwii haala dhokataa ta'een yookan fuuldura waraabameen fedhii fi muuxannoo namoota kan dhiyeessudha.

Yaada kana ilaalchise misgaanuun(2011:108) irratti akka ibseeti asoosama dheeraa qaacceessuu keessatti waan guddatu qaacceessa irraa eegama.Akka asoosama gabaabaa,walaloo fi barruu xiqqoo tokko waan hin taneef nama qaacceessuu tokko keessatti miira hedduu uuma.Asoosama dheeraa qaacceessuun hagam dadhabsiisa yoo ta'ee iyyuu waa hedduu baruu fi hojjechuuf carraa guddaadha.Sababni isaas ergaawwan gurguddoo fi xixxiqqoon waan keessatti argamanifidha.Yaada kanarraa wanti hubatamu asoosamni dheeraan seenessaa bal'a qaacceessi isaa hojji cimaa gafaatu fi akka asoosama gabaabaa ergaa gabaabaa qofa kan hin qabne fi ergaa gurguddoo fi xixxiqqoos of keesaati kan hammatu akkasumas nama asoosama dheeraa qaacceessuuf barnoota hedduu kan dabarsuu muuxannoo hojii cimaa kan kennuudha.

## 2.3 Caaccuulee Asoosama

Asoosamni caaccuulee garaagaraa kan akka: Jaargochaa,waldhabbii, yoomessa, ergaa fi kan kana fakkaatan of keessaa kan qabuudha. Yaada kanarra kan hubatamu waldhabbii caaccuulee asoosama keessaa tokko akka ta'e kan nutti agarsiisudha. Yaada kana deeggaruun Fadluu Musxafaa(2011:11) yoo ibsu, "waldhabbiin namoota yookiin humnoota faallaa walii ta'an gidduutti asoosama yookiin doo'ii keessatti kan mul'atuudha" jedha.yaada kana irraa kan hubatamu asoosamni caaccuulee garaagaraa kan of keessa qabu fi caaccuulee asoosama keessa waldhabbii isa tokko fi lafee duugda asoosama akka ta'e kan nutti agarsiisudha.

## 2.4 Waldhabbii

### 2.4.1 Yaadrimee waldhabbii

Jireenya addunyaa kana keessatti Dhalli namaa jiraachuuf jecha gaddaa,g ammachuu, dhiphina,hacuuccaa fi rakkinni adda addaa isaa qunnamuu danda'a.I isaan kanneen moo'achuuf namni sammuu isaa waliin,uumama waliin, namoota waliin,akkuma waldhabbuu, waldhabbiin kun asoosama keessattis ni mul'ata qooddattoonnis ofi isaaniitiin yommuu waldhabban;uumamaan waldhabban,namootaan waldhabban argina.isaan kannentu waldhabbii jedhama.

Haaluma kana fakkaatuun Melakneh (1995:63) waldhabbii yoo ibsu "conflict is a clash of actions, ideas, desires or Will" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu,walittibu'iinsa gochoota yaadaa fi fedhii namoota giddutti uumamu jechuudha.

### 2.4.2 Faayidaa Waldhabbii

Akkuma qaamni namaa wantoota gara garaa irraa ijaaramu asoosamnis caaccuulee isaa guuttatee kan ijaaramudha.Kanaaf ijaarsa asoosama tokkoottif waldhabbiin isa bu'uura ta'eefi lafee dugdaa asoosama tokkooti.Faayidaa waldhabbii keessaa tokko seenaa asoosamichaa akka itti fuufu taasisa.Walddhabbiin yoo hin jirre immoo seenaan asoosamichaa bakkuma jirutti dhaabbatee hafa jechuudha. Kitaabni World book enc,of Britain volume 23(1994:230) akka eerutti "the readers interest my be captured at the out set by the promise of conflict" jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti fedhiin dubbistootaa kan qabamu yaada waldhabbii seenaa asoosama tokko keessatti qabuun akka ta'e nu hubachiisa.

## 2.5 Gosoota Wadhabbii

Asoosama dheeraas ta'ee asoosama gabaabaa keessatti gosoonni waldhabbii gara garaa ni mul'atu.Qoqqooddii walddhabbii ilaalchisee, hayyooni gara garaa waldhabbii iddoo adda addaatti qoqqoodaniiru.Fakkeenyaaf, Zariihuun (1992:147) irratti walddhabbii iddoo afuritti qoodee jira. Isaanis: waldhabbii qooddataa fi qooddataa, waldhabbii qooddataa fi mataa isaa,waldhbbii qooddataa fi uumaa waldhabbii qooddataa fi hawaasa wajjiin taasisuu jechuudhaan qoodee.jira Akka yaanni weebsaayitii HTTP/Www conflict type jedhu ibsuttii walddhabbii bakka shanitti qoodama isaanis

### 2.5.1Waldhabbii Qooddataan xiinsammuu Isaa wajjiin Taasisu

Waldhabbii kun karaa biraatiin waldhabbii keessaa jedhamuun waamama:Waldhabbii kun kan uumamu yommuu qooddataan sammuu isaa wajjiin mormii uumudha.Mormiin isaa

kunis, wantoota sammuu namaa dhiphisan,kaayyoo fi fedhii irraa kan maddudha. Yaaduma kana ilaalchisee Melakneh(2008:207) "internal conflict is a conflict which is take place between two contending forces in the mind of the hero" jedha. Yaada kanarraa kan hubanuu, waldhabbiin keessaa walitti bu'iinsa yaadota faallaa lama kan sammuu qooddataa keessatti argaman giddutti raawwatamu akka ta'edha.

### 2.5.2 Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa Gidduutti Uumamu

Waldhabbiin qooddataa jiddudtti uumamu sababa amantaan, fedhii adda addaatiin, kaayyoodhaan, ilaalchaan, garaagarummaa qaban irraa kan ka'e walitti bu'iinsi ni uumama.Cuddoon (1999:188) irratti walddhabbii qooddataa fi qooddataa jidduu yoo ibsu "conflict thatoccur between character are depend on their wish and different objectivethey have" jedha.Yaanni kun akka mul'isutti, waldhabbiin qooddattota jiddutti uumamu kan irratti hundaa'u hawwiifi kaayyoo garaagaraa isaan qabatanii ka'an irrattidha

### 2.5.3 Waldhabbii Qooddattoonni Humnoota Uumamaa Wajjiin Taasisan.

Namootni jiraachuuf jecha, qalbiin waan yaade bira gahuuf, uumama waliin waldhaansoo ni uumaa. Fakkeenyaaf, dhalli namaa muka bosinaa ciree qotachuuf jecha qaamota muka adda addaa waliin waldhabbii ni humaa.Waldhabbiin akkanaa yeroo baay'ee nam fakkootaan hin too'aatamu.

### 2.5.4 Waldhabbii Qooddattoonni Hawaasa wajjiin Taasisan

Waldhabbiin kun kan uumamu namni tokko yookiin gareen tokko aadaa, duudhaa, safuu fi haala jiruu fi jireenya hawaasichaa waliin walitti bu'udha. Amantaa, falaasama, ilaalchaafi sirna ittiin bulmaata hawaasaa fudhachuu dhabuun nama tokko yookiin garee namoota hawaasichaa jiddutti waldhabbiin ni uumama.

Cassidy (1991:706) akka ibsutti "waldhabbii hawaasaafi qooddattoota jiddutti yommuu namni tokko duudhaa garee hawaasa tokko kuffisuuf hawaasichi immoo harka kennachuu diduun yeroo wal falman jechuudha."jedhee ibsa.Yaanni cuunfaa hayyuu kanaa, yommuu qooddataan tokko ejjennoo safuu hawaasa waliin hin deemne qabatee yoo ka'u hawaasichi immoo balaaleeffachuun walddhabbii uumaa jechuudha.

### 2.5.5 Waldhabbii Qooddataan Teekinooloojii Wajjiin Taasisu

Gosti walddhabbii kanaa kan uumamu qooddattoonni asoosama keessatti argaman wantoota teeknoloojiin walqabatanii wajjiin walitti bu'iinsa taasisaniidha.Qooddattoonni asoosamaa waan haaraa argachuuf teeknoloojiitti gargaaramu.Haata'uu malee yeroo tokko tokko

maashinoonni adda addaa kanneen isaan itti gargaaraman yaada isaan karoorfatan jalaa fashaleessa.Yeroo kana immoo waldhabbiitu uumama.

## 2.6 Amaloota waldhabbii

Waldhabbiin amala mata isaa kan qabuu qabeessa isa taasisu qaba.isaaniis maddi interneetii web saayitii HTTP/WWW Jedhamu akka ibsutti: Amanamummaa, tokkummaa, fi dagaagina fa'adha.

Amanamummaan haala dhiyeenya dhugummaa, qooddattootaa ta'ee,waliin dubbii yookiin dubbiin yaadni dhiyaatu qabatamaa ta'uu qaba garuu guutummaan guututtidhugaa ta'uu osoo hin taane dhugaa irraatti hundaa'uun kan uumamuu ta'u qaba.

### 2.6.1 Tokkummaa

Yaada kana irraa kan hubatamuu jechuun adeemsi waldhabbii uumamee kun kan wal hordofaa deemu jechuudha.akkasumas, tokkummaanogbarruu keessatti yaadotni asoosamicha keessatti jalqabaa hanga dhumaatti ka'an qindoomina kan agarsiisan ta'uu qabu.kana jechuun waldhabbiiwwan uumaman kan yaadni isaanii wal gadhiisan yookaanwal irraa goraakan deemu ta'uu hinqabu.

### 2.6.2 Dagaagina

Waldhabbiin asoosama tokkoo kan inni dagaageera jedhamu yeroo qooddataanasoosamichaa jijjiirama bu'a qabeessa ta'e argatuudha.Akkasumas, waldhabbiin uumaman keessatti humnoonni wal morman sun ciminni isaanii wal gituun hanga dhumaatti deemuu kan qabudha.

Qorannoon kun kan inni irratti adeemsifame wal dhabbiifi ergaaasoosama madaa ciqilee keessatti argaman sakatta'uun dhiyeessuu irrattidha.Qorannoon adeemsifame kun boca qorannoo keessaa qorannoo sakatta'a galmee/document analysis/ kan wal qabatu yoo ta'u, malli qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti ba'ame mala qorannoo al laakkoofsawaati.

### 2.6.3 Ragaalee

Gosa qorannoo kanaa madda ragaa kan ta'an kitaabota,barruulee gargaraa,waraaqa qorannoo, intarneetii fi kan kana fakkaatan ta'uu danda'u.Kanuma bu'uura godhachuun kitaaba qorannoo irratti gaggeessu akka madda raga tokkoffaatti fayyadamuun qoraatan kunis qorannoo isaa adeemsisee jira.

**Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

## 2.6.3 Sakatta'a Dookumaanti

Qorataan waldhabbiiwwanfi ergaa asoosama madda ciqilee keessatti mul'atan xiinxaluun dhiiyeessuuf mala funaansa ragaalee keessaa tokko kan ta'e sakatta'a galmee fayyadamuun qorannoo isaa gaggeessee jira.Malli kun mala qorataan ragaalee qorannoo isaa funaannachuuf itti fayyadame keessaa isa tokkodha

## 2.6.4 malleen Xiinxala Ragaalee

Qorataan kun qorannoo isaa keessatti ragaalee argate mala xiinxala ragaalee jiraan keessaa mala al-lakkoofsawaatiin xiinxale jira sababni qorqtaan kun mala al lakkoofsawaa kana filateef odeeffannoon inni iddattoo isaa irraa argate lakkaawamuu yookan bifa lakkoofsawaatiin taa'uu hin danda'u waan ta'eefi.

## 2.6.5 Maalummaa Ergaa

Misgaanuun (2012:27.2)].yoo ibsu <<ergaan asoosama waan jiruufi jireenya dhala namaa keessatti bal'inaaf qabataamaan namaa qunnamu waan namaa mudachuunsaa hin hafne yookiin hin oolle kallattiin asoosamicha keessatti argaamuu danda'udha. Ergaan asoosama keessatti argamu yeroo tokko fudhatama argatee bara birootti fudhatama hin dhabu. Kanaaf asoosamni kamiyyuu ergaa dabarsuu barbaddeen madalama.Akka waliigalaatti ergaan guddaan asoosamaan darbu tokko yoo jirateeyyuu. Ergaawwan xixiqqoon heddummataman asoosama tokko keessatti ni argamu ergaan asoosama keessaaa jiru salphaatti kan hubatamu yoo hintaanellee ergaa isaa hubachuuf beekumsi waa'ee waantoota Addunyaa kanarra jiraniif nuti qabnu murteessaadha.

Kanaafuu .ergaan asoosamaa dhaamsa yookiin dhimma walli gallaa kan asoosamichaan hawaasaaf ifa ba'u ta'ee. Waan Addunyaa dhugaa keessatti raawwatamaa jiruufi raawwatamuun isaa yaadamu tokko irratti hubannoo barumsichaa cimsuuf kan human qabudha.

Fedhasaan immoo. (2013:84).yoo ibsu.<<barreessaan dhaaamsa tokko dabarsuuf asoosama kalaqa.dhaamsa inni dabarsuu barbaaduu sunis.Ergaa jedhama.Ergaan yaada ijoo asoosamaati.Kunis guutummaa ruqiilee asoosami chaa duuba ruuqamee mul'ata.Jaargochi.Jireenyi namafakkileen.waldhabbiin.yoomeessi. Fakkoommiin achii keessatti mul'atan.Dubbiileen qolaafi walqabsiisni jiru.Dimshaashumatti.guutummaan qaama seenaa asoosamaa ergaa calaqqisiisuuf uumu.Ruqiilee kanneen keessatti dhimmoota

hawaasaa.Haala jiruuf jireenyaa. Aadaa, duudhaa, Siyaasaa, Amanataa, Barsiifata, Dinagdee sona karaa kallattiifi habalaka ta'een mul'isa,dubbistoonis ta'een lafa kaa'uun hindanda'amu. Sababni isaas dubbistootatu guutummaa asoosamichaa xiinxaluun bira ga'a malee barreessaan ergaa asoosama hin mull'i su. Kanaafuu.Ergaan asoosama tokko haala hubaannoo dubbistootaatiin xiinxalamuudha.Akkuma ilaalcha dubbistootaattis hiikama.Kanaafuu ergaan asoosama tokkoo daangeffamu hin danda'u.

### 2.6.6 Amanamummaa

Amanamummaan haala dhiyeena dhugummaa.Qoodattootaa ta'ee. Waliin dubbii yookiin duubbiin yaadni dhiyaatu qabatamaa ta'uu qaba garuu guutummaan guutuutti dhugaa ta'uu osoo hin taane dhugaa irraatti hundaa'uunkan uumamuu ta'u qaba

Asosama tokko ergaa isaa argaachuuf dursa asoosamicha gadi fageenyaan dubbisaanii hubachuun barbaachisadha. Kunis ergaa asoosama sanaa argachuuf haala ergaan sun itti ba'u beekuuf karaa banaa ergaan asoosamaa karaa lamaan darbuu danda'a kunis kara mul'ataafi karaa dkokataadhan, kan darbuudha. Ergaa dabarsa jechuudha. Idgar Robert (1991:102) akkaibsuti ergaa baasuu keessaatti dubbistooni qooddattotaafi sadoommii sirriitti ilaaluu qabu.sababni isaas barreessittooni yeroo bay'ee ergaa isaanii jabeessannii kan isaan ittin isaa itti aanutti dabarsan sadoommiifi qooddattoota jechuun ibsa. Kanarraa waanti hubatamu ergaa ta'uusaa akka beekamudha. Kanas ergaa asoosama tokko maloota ittiin argannu kan ibsudha. x.J(1987:163) akka ibsutti

- ❖ Mata duree asoosama sanaa irraa deddeebi'anii ilaaluun maal akka calaqqisisuu hubaachuu
- ❖ Seenaa asoosama keessaatti gahee qooddataa guddaafi mala irraa akka gahee adda baasanii beekuu.
- ❖ Barreessaan asoosamaa haala jiruufi jireenya dhala namaa akka waliigaalaatti akkamititi akka ilaalee hubaachuu dandeenya.
- ❖ Waalumaa galatti asoosama keessatti yaada gidduu galeessaa tokko kan dabarsaan bu'uuraaleen wal qabatanii kan deemanidha. Baru'uuleen kunis asoosama akkamiffiiyyuu ergaa dhuunfaasaanii dabarsuu bu'uureeffaatee kaayyoo mataa isaa kan of danda'e akka qabu nu hubachiisa kanumaan wal qabatee Zarihun Asfawuu (1996:185)<<Asoosamni kamiyyuu kaayyoo mataasaa danda.e tokko of kan barreeffamudha.>>jedha. Akka waaliigalaattii ergaan kaayyoo asoosamatokko kan galmaan gahu ta'uu isaatti. Kanaafuu ergaan asoosama bu'uraalee kaayyoo guddaa asoosama bakkaan ga'aan irraa adda

bahee hin jiru. Dubbisaanis ergaa asoosama sanaa irraa ka'uun seenaa irraa ka'uun seenaa asoosamichaan wal qabsiisee ilaaluun barbaachisaadha.sababni isaas mataa dureen ergaa dabarsu keessatti ga'ee mata isaa kan qaabatuudha.

### 2.6.7 Sakkatta.a barruu wal-fakkii

Kutaa kana keessatti kan dhiyaate waraqaawwan qorannoo kannaan walitti dhiyeenya qabanidha. Amman dubbisee argetti kitaaba asoosama madaa ciqilee irratti kallattii kamiiniyyuu qorannaan geggeeffame hin jiru. Akkasumas qorannoon mata duree qorannoo kana wajjin kallattiidhaan walfakkaatu hin jiru

Kutaa kana keessatti qorannoowwan gara gara kan armaan duraatti .geggeeffaaman. Kanneen qorannoo kana waliin waal faakkaatani sakkatta'aam .jiru kanneen qorannookanan walfaakkaatan afaanota adda addaan geggeeffamani jiru.kanaafuu qorannaan qorannoo kanaan walfakkaataan afaan oromoon waan geggeeffamanii jiraanifi walitti dhufeenyaafi garaarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban hanga tokko ilaaluun qorannoo kun akka gababinaa yaada argatuuf tumsa akka kennu beekamaadha.

Ayyaana Waaqtolaa

Waraqaa qorannoo Eebbaa digirii baabilarii artii guuttachuuf. Kutaa qorannoo muummee afaanootafi ogbarruu itoophiyaatti sagantaa afaaniifi ogbarruu oromoo yuunversiitii finfinneetiif dhiheessee

n waa'ee waldhabbiiwwan asoosama kuusaa gadoofi dhaamsa abba irratti kan xiyyeeffatudha. Kaayyoon qorannichaa waal dhabbii xiinsammuu asoosamicha keessaa jiru agarsiisuudha. Xuumura qorannoo irratti waanti inni irraa ga'ee barreessaan waldhabbii xiinsammuu fayyadamee ergaa asoosamichaa akka dabarseedha.

Waal fakkeenyaa qorannoo kun qabuyookaan qaban.

- Qorannoon kun lamaan asoosama irraatti kan geggeeffamanidha.
- Qoraannoon kun lamaannuuwadhabbii kan qabaniidha.
- Lamaanuu maalummaa waldhabbii ni ibu.
- Lamaanuu faayidaa waal dhabbii seenaa asoosamaa ijaaruu keessatti qabu ibsu.

#### 2.6.9 Garaagaruumaa isaan qaban.

- Garagarummaan qorannoo Ayyaanaafi qorannoo ammaa kana gidduu jiru.
- Kaayyoon qorannoo Ayyaanaa inni walii gala waldhabbiin asoosamoota<<Kuusaa Gadoofi Dhaamsa Abbaa>> keessaatti maal akka fakkaatu agarsiisuudha. Kaayyoo murtaawaan immoo: akaakuu waldhabbii asoosamoota lamaanii

agarsiisuufi asoosamoota lamaan kallattii wldhabbiin waliin madaaluudha. Kaayyoon waliigala  qorannoo kanaa garuu haala waldhabbii asoosama madaa ciqilee keessatti mula'ate xiinxaluun ergaa isaa baasuu yoo ta'u kaayyoowwan murtaa'oon immoo

- Wantoota waldhabbiiwwan kanaaf sababa ta'an  adda baasuun ibsuu
- Akaakuuwwan waldhabbii seenaa asoosama filatame keessatti mul'atan adda baasuun ibsuu
- Ergaa barreessaan asoosamichaa waldhabbiiwwan asoosamichi keessatti mul'ataniin dabarsuu barbaade ifa gochuu
- Ergaawwan asoosamichaa kanneen gurguddoo fi xixiqqoo addaan baasuu.
- Daangaa qorannoon gargara ta'uu: daangaan qorannoo isaa asoosamotaa baay'ee keessaa kuusaa gaadoofi dhaamsa abbaa fudhachuun, bu'uuraalee asoosamaa keessaa waldhabbii qofa irrati xiyyeeffata. Daangaan qorannoo kanaa immoo asoosama mada ciqilee qofa irratti xiyyeeffachuun waldhabbiifi ergaa isaa baasuudha.
- Xiinxalichi kitaaba garaagaraa irratti adeemsifamuufi yeroo garagaraatti gaggeeffamuu isaa:
- Qorannoon Ayyaanaa asoosamoota lamaa irraatti isaanis Kuusaa Gadoofi dhaamsa abbaa irratti kan adeemsifamee yoo ta'u qorannoon kun immoo madaa ciqilee irratti kan geggeeffameedha. Qorannoon isaa bara (2008) kan adeemsifamedha. Tokkummaa inni waraqaa kana waliin qabu immoo:
- Haala ijaaramaa: qorannoowwan lamaanuu boqonnalee gargaraa afur kan of keessaa qabu yoo ta'u, boqonnaan tokko duubee qorannichaa, boqonnaan lama sakatta'a barruuwwan, yaadrimee walfakkiitti. Boqonnaa sadaffaaaan bakkaa xiinxalli hojichaa itti raawwateefi boqonnaa afur argaannoofi yaada qabatee dhiyaatee jira.
- Waa'ee waldhabbii isa bal'aa laachuu: qorannoowwan lamaannuu keessatti maalummaa waldhabbii, akaakuu, faayidaafi wantootnni waldhabbiifi sababa ta'an sirriitti ibamaniiru.

- Qorannoonkun xiinxala waldhabbiifi ergaa asoosamaa madaa ciqilee irratti kanxiyyyeeffatudha

Qorannoon Ayyaana garuu waal dhabbiiwwan asoosama kuusa gadoofi dhaamsa abbaa irratti kan xiiyeeffatudha. Qorannoon kun xiinxalaa waldhabbiifi ergaa asoosama madaa ciqilee irratti xiyyeeffata.

Waraqaan eebbaa Fellegech Haayiluu waldhabbii irratti hojjetamuun qorannoo kanaan walfakkaata. Haata'u malee qindeeffama isaan, bara itti hojjetameen,afaan ittiin hojjetameen mata duree kitaaba kana irraa adda yookaan qorannoo kanaan garaagaruumaa qaba.

Waraqaan eebbaa Felleqech kun ciminis hanqinaas ni qaba. Ciminni isaa qabiyyee waldhabbii asoosamoota kanneenii haalaan xiinxalamuu yoo ta;u hanqinni isaa immoo qindoomina gaarii ta'e dhabuudha.

Barruu walfakkiin sadaffaan immoo ergaa ilaalchisee kan jiru yoo ta'u innis kan Raahimetuu Beyyenee<<Themes and strcutcre in Heart of Darkness>> jedhuudha. Kanas boqonnaawwan afurtitti qooduun kan qo'ateedha. Boqonnaa tokko keessatti seensa,lama keessatti immoo seenaa barreessaa kitaabichaa, sadii keessatti xiinxala ergaa kitaabichaafi afur keessatti immoo caasaa ergaafi xumura kaase.

Waraqaa eebbaa Raahimetuu kana qorannoo kanaan kan wal fakkeessu xiinxala ergaa irratti dalagamuu isaati. Garuu baraafi afaan ittiin hojjetameen akkasumas qindeeffamaan garaagarummaaqaba.Waraqaan eebbaa ishee kuni ciminni isaa boqonnaa sadii keessatti xiinxala ergaa kallattii siyaasaa, hawaasaafi xiinsammuun jiu haala gaariin xiinxalee lafa kaa'eera. Akka dadhabbinaatti kan ka'u immoo tokkoffan ulaagaa qorannoon guutuu qabu hin guutne. Lammaffaa sakatta'a barruu wal-fakkii fi yaadirimee waa'ee ergaa irratti jiran waan fayyadame hin qabu.

Barruu wal fakkii inni arfaffaan kan Yewonisheet Maasirashaa<<Analysis of major themes in Dick king smith's the stray>> kan jedhu yoo ta'u, qorannoon ishee kana boqonnaa afuritti qooduun qo'atte.

Xiyyeeffannoon qo'annoo ishee kitaba Dick king smith kan ta'e<<the stray>>jedhu ergaa waaliigalaa guruguddoo isaa xiinxaluudha.boqonnaa tokko keessatti seensa qorannichaa,lama keessatti immoo sakatta'a barruu yaadrimee ergaakaafte. Sadii keessatti xiinxala ergaawwaan gurguddoo kitaabichaa geggeessite. Akkasumas afur keessattixumuraafi yaada ishee keessee jirti.

Qorannoon Yewoynisheet ergaa irratti dalagamuu isaan wal fakkeessa.Kan adda taasisu immoo ergaawwan gurguddoo qofa xiyyeeffatte. Kanamalees, mataduree kitaaba irratti dalagamee, baraafi afaan ittiin dalagameedha. Ciminni waraqaa eebbaa ishee kun ergaawwaan gurguddoo kitaabichaa haalaan xiinxaluudha. Akka dadhabiitti kan ilaalamu immoo:

- Faayidaa fi mala qorannichaa kaasuu dadhabuu
- Sakatta'a barruu keessatti kan yaadrimee malee wal-fakkii hin fayyadamne.
- Mata duree qorannichaan ala bahuu:Qorannichi ergaawwan gurguddoo kitaaba<<the stray>>jedhu keessatti argamu xiinxaluu yoo ta'u boqonnaa lammaffaa keessatti immoo waa'ee ogbarruu daa'immaniitu dursee jira.

## 2.10 Ergaa Ijoo

Hawwaasaa. Haala jiruufi jireenyaa. Aadaa, Duudhaa,siyaasa, amantaa, Kanneen xiinxaluun yaada ijoo baafatu. Asoosama tokko haala dhaabbataa ta'een lafa kaa'uun hin danda'amu.sababni isaas .dubbistootatu guutummaa asoosamichaa xiinxaluun bira ga'a

Ergaan yaada ijoo asoosamati ergaan guutummaa ruqoolee asoosamaa duuba ruuqamee mul'ata .guutummaan qaama seenaa asoosamaa ergaa calaqqisiisuuf uumamu ruqoolee kanneen keessatti . dhimmootamalee. Barreessaan ergaa asoosamaa hin mul'isu.kanaafuu ergaan asoosama tokkoo haala hubannoo dubbistootaatiin walqabata.Walumaagalatti. Ergaan yaada ijoo asoosamaa ta'ee guutummaa qaama asoosamichaa irraa dubbistootaan kan xiinxalamuudh.

### 2.10.1 Walitti dhufeenya waldhabbiifi ergaa

Akka Hoolmaan(1980:8). jedhutti<<conflct is struggle which grown out of the interplay of the two opposing forces in a plot.>>waldhabbiin sabseena tokko keessatti walmormii humnoota wal faalleessan lama gidduutti uumamuudha. hojii asoosamaa keessatti seenichi ergaa dhumaa yookiin ta'ii dhumaa karaa gochaa fi waitti dhiyeenya qooddattootaa guddisa,Barreessitootni yaada isaa dubbistootatti kan dabarsan yaadota garaagaraa lama kan dhalli namaa kaayyoo tokko galmaan ga'uuf raawwatu keessani. kan waan ta'eef, qooddattota goobaangaleessi kaayyoo isaa galmaan ga'uuf seerrichi immoo qooddattota xiqqoo kan kaayyoon goobaangaleessichaa akka hin dhugoomne taasisan uuma. mormiin humnoonni walfaallessan kun lamaan kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf godhan kun immoo

seenicha fuulduratti taarkaanfachiisuu fi gara yaada waliigalaatti geessa. waldhabbii isaanii kun dhuma seenichaa irratti yoo furamu seenichi waa'ee kanaati jechuun ni

danda'ama

### *2.10.1.2. Walitti Dhufeenya Ergaafi Yoomeessaa*

Yoomessa jecha jedhu ilalchisee Biraanuu Maatiwoos (1999:22) yoo hiiku:<<setting is used to denote the pleace of a story's action and the time in which it occurs.>>Yoomeessi iddoo gochi seenichaa itti ta'ee fi yeroo isaa kan bakka bu'uudha.as irratti yoomessi bakkaa fi iddoo qofa xiyyeeffata osoo hin taane haala naannoosni ilaala . iddoofi yeroon seenichaa waa'ee seenichaa yookaan ergaa waa hedduu jedhuu danda' u . dubbisaan iddoofi yeroo seenichaa adda baafatee jennaan barreessaan dhimma maalii dabarsuu akka barbaade beekuun hin rakkisu. kanaaf yoomeessa haalaan hubatanii jennaan ergaa isaa hubachuuni ni danda'a

### *2.10.1.3. Ergaafi Qooddataa*

qooddataa jechuun akka dictionary Terms:71 ibsutti <<IN Literature character has several other specifc meanings notably that of a person repson in a story,novel,play etc.>> Namaa seenaa, asoosama, taphaafi k.k.f keessatti bakka bu'eedha. qooddataan ergaan seenaa sana maal akka ta'e beeksisuuf ga'ee guddaa qaba. keessaattuu qooddataan goobangaleessi ergaan ijoo ta'e isaa keessaa darba. kanaafuu ergaa fi qooddataan walitti dhufeenya cimaa qabu.

# BOQONNAA SADII

## 3. XIINXALA WALDHABBII FI ERGAA ASOOSAMA MADAA CIQILEE

Waldhabbiin firii asoosamaa keessaa tokko kan ta'eefi asoosama tokko fuulduratti kan tarkaanfachiisuudha. ijaarama sabseena isaatiif bu'aa guddaa buusa. Ergaanis firii asoosamaa keessaa isaa tokko ta'ee hiika giddugalaa seenaa sanaati. Asoosamni tokko kaayyoo barraa'uuf. Yaada dabarsuu barbaadee ni qaba.

Haaluma kanaan asoosamni madaa Ciqilee waldhabbiiwwan gosa garaagaraatti fayyadamuun ergaa isaa galmaan ga'achuuf yaaleera. haala kanaan asoosamichi qalbii dubbistootaa akka harkisu taasisuun barreesseera. asoosama kana keessatti gosti waldhabbii hundi jiru jechuun ni danda'ama.

### 3.1. Qaacceessa Qabiyyee Waldhabbii Asoosama Dheeraa Madaa Ciqilee

Waldhabbii caaccuulee asoosamaa keessaa tokko ta'ee gosoota adda addaatti qoqqoodamuu kan danda 'uudha isaan keessaas barreessaan asoosama kana waldhabbii qooddataa fi qooddataa, waldhabbii qooddataa fi uumaa, waldhabbii qooddataa fi sammuu isaa gidduu yookaan xiinsammuuti gargaarameera.Waldhabbiiawwan kanneen fayyadamuun barreessaan kitaaba kanaa ergaa isaa kan dabarfate ta'uu qorataan qorannoo kanaa kun xiinxaleera.

### 3.1.1. Waldhabbii Qooddataa fi Qooddataa

Waldhabbii qooddataa fi qooddataa gidduutti uumamu sababoota namooni amantaan,fedhii adda addaatiin,kaayyoo fi ilaalcha garagaraa qaban irraa ka'ee kanuumamuudha.

### 3.1.2. Waldhabbii Shewaayinesh fi Dargaggoota Oromoo

Asoosama dheeraa madda ciqilee keessatti waldhabbiin kan eegale Shewaayinesh fi dargaggoota oromoo gidduuttidha.shewaayinesh dalagduu mana hoteelaa madda walaabuutti hojjettuudha.Dargaggoonni kunniin immoo Obseeraa,olqabaa,caalaa fi dargaggoota biroo arfan turan.Akka raga kitaabicharraa fudhatametti dargaggoota arfan kanneen keessa tokko lammeessaa yoo jedhamu,isaan hafaniif maqaan hin kaa'amne.Obseeraa, olqabaa fi caalaan hiriyoota fi akkasumas, barattoota yuunivaarsiitiiti.Obseeraan yuunivarsiitii madda walaabuutti barataa seeraati.obseeraan osoo barnoota isaa irra jiru carraa biyya Ameerikaa deemuu isaa qaqqabe.Carraa argateef haa gammaduu malee barnoota isaa addaan kutee

deemuun isatti hin tolle.Garuu,si'a tokkoon waan lama hojjachuun waan hin danda'amneef garuma Ameerikaa deemuuf yaada isaa gama tokkotti deebise.Obseeraan wantoota baraachisan hunda xumuratee guyyaan deemsa isaa geenyaan maatii isaatti nagaa fi jajjabina dhaamatee,hiriyoota isaa Caalaa fi Olqabaa waliin gara magaalaa Gimbiitti deeman.

Yeroo isaan magaalaa Gimbii gahan lafti waan itti dhiyeef barii isaa finfinneeti deemuuf Hoteela magaalaa Gimbiitti argamu kan maqaan isaa madda walaabuu jedhamutti goranii mana siree qabatanii achumatti nyaataa fi dhugaatii wal affeeran.Yeroo jalqaba isaan hoteelicha keessa seenan sirba weellisaa oromoo Zaarihuun wadaajoo kan "laaleeX2 yaa didibbee hojii kee illaalee si jibbee"kan jedhutu sirba ture.Dargaggoota biroo arfan sirbaa jiranis achi keessatti argan.Obseeraa fi hiriyoonni isaas biiraa gosa garagaraa ajajatanii dhugan.Yeroo kana sirbi inni biraa afaan oromoo daawwit mokkonnen mata dureen isaa "yaa gurmuu kanniisaa wal duukaa gugate x2 iddoo tokko oolee iddoo tokko bulee dhaabasaa dhaabbatee" jedhu sirbaa ture.Obseeraa hiriyoonni isaa fi dargaggoonni arfanuu jaalala sirbichaaf qaban irraa kan ka'e shubbishuun taphachuu eegalan.osoo isaan akkasittitaphachaa jiranii hojjettuun mana hoteelaa shewayinesh jedhamtu sabaan oromoo hin taane,jibbansa sirbaa fi saba oromootiif qabdu irraa kan ka'e fiigichaan ariifattee muuziqaa taphachaa jiru rukuttee keessaa baaftee "Indeet yaasxallaal ye gaallaa zafa"jette sirba afaan Amaaraa tokko galchitee qoofumaa ishee duukaa sirbuu eegalte.

Obseeraan erga ishee dhagahee aaree fiigee rifeensa mataa ishee akka nama handaaqoo qabuutti olfuudhee ishee rarraasee gadi dhiisee akkas jedhe "si inni sanyiin kee jaarraa tokkoof saba koo Oromoo gabroonfata turan ga'uu didee jennaan har'a moo atis nutti deebitee? Nu biraa hin haftanii isiin'' jedhee ariitin qodaa qaruuraa isaa teessumarra jiru rukutee lafatti naqe.(Madaa ciqilee:13)

Obseeran barii sana gara Finfinneetti deemuuf kan ture hiriyyoota isaa fi dargaggoota arfan hoteelicha keessa turan wajjiin sababa jeequmsa uumameetin adabaman.Yeroo booda hiriyyoonni Obseeraa lakkifamanis, Obseeraa achumatti hambisan.Carraan Ameerikaa deemuu Obseeraas jala darbe.

Waldhabbii isaanii kana irraa kan hubatamu sabni Amaaraa saba Oromootif ilaalcha gaarii akka hin qabneedha.Kana males kana dura sabni Amaaraa saba Oromoo irratti godaannisa biraa akka irratti uumee jiru kan ibsuudha.Jechoonni Obseeran yeroo Shewaayneshiin wallolu itti fayyadames kanuma ibsu.Waldhabbii kanas addunyaa dhugaa wajjiin yoo wal bira qabnee ilaallu kanuma mul'ata.

### 3.1.3. Waldhabbii Lammeessaa fi Poolisii (Qorataa yakkaa

Lammeessan Yuunivarsiitii Finfinneetti barataa seeraa waggaa 3ffaa ture.Haa ta'u malee sababa siyaasatiin adabamee barnoota isaa addaan kuteera.Qorataan kun ammoo qorataa yakkaa magaalaa Gimbiiti. Gaafa tokko Lammeessaa fi hiriyyoonni isaa nama afur ta'anii Hoteela Madda Walaabuu magaalaa Gimbbiitti argamu keessatti lafa halkanii dhugaatii dhugaa sirbaa turan.Haala kana keessa osoo jiran, hojjattuun mana bunaa muuziqaa afaan oromootin sirbaa ture gara afaan amaaratti waan jijjiirtef walitti bu'iinsi hooteelicha keessatti uumame.Sababuma kanaaf Lammeessan fa'as gara waajjira poolisii geeffaman.Poolisichis Lammeessadhaaf qorannoo isaa bifa gaafitiin dhiyeesun akka armaan gadiitti walitti bu'an.

Poolisii: "Ati maqaan kee eenyu? Hojiin kee hoo? Jedhee wal faana gaafate.Lammeessaa:'' Maqaan koo Lammeessadha; gosa hojii koos yoo siif hime Yuunivarsiitii Finfinneetti barataan ture'' jedhe.

Poolisii: Barataan Yuunivarsiitii biyya ijaara malee akka kee quufee isa nageenya biyyaa booressuu miti.Barataa ta'uun kee maaliree? Dhaloonni boodaa kana sirraa baruun gaaridhaa?Akka kanniisaa mana shaa'eerra naannoftu, ati immoo mana dhugaatirra joorta.Kanaree barumsi kee? Tole haa ta'u; barataan ture jette; yeroo ammaa hoo maali hojiin kee jedhe (isuma:16) waldhabbii

kana irraa kan hubatamu, qaamni barate tokko yeroo araada adda addaatin qabamee gocha badii irratti argamu kan nama qaanessu ta'uu isaati.Kana males olaantummaan seeraa ilaalcha namoota hedduu biratti wal qixa akka hin taanedha.Ibsa waldhabbii armaan olii keessatti ilaalchi poolisiin lammeessaf qabu yoo ilaalamu, poolisichi gadi fageenyan qoratee osoo keessa hin seenin Lammeessatti dheekkamaa ture.Innii kun addunyaa dhugaa keessattis kan mul'atuudha.

### 3.1.4. Waldhabbii Tiraafiikii, Konkolaachisaa fi Obboo Galataa

Waldhabbii jarreen kana gidduutti uumameef ka'umsa kan ta'e, obboo Galataan ilma isaanii Lammeessaa magaalaa Gimbitti mana sirreessaa keessa jiru ilaaluf dhaquu isaaniti. Erga ilma isaanii ilaalanii ka'aniin booda gara mana isaanitti galuuf konkolaataa magaalaa Gimbiitti deemu keessa seenan.Konkolaatan hamma ta'e erga deeme booda gargaaran konkolaataa nagahee irratti qarshii diigdama(20) barreessee itti hire.Garuu qarshiin inni fudhatu soddomii shan(35) ture. Namoota konkolaataa guutuu keessaa yaada kana kan falman obboo Galataa qofa turan.Konkolaatichis erga fageenya xiqqoo deemen booda T iraafiikii dhaabbachaa jiru

bira gahan.Tiraafiikichis dhaabsisee konkolaachisaan keessaa bu’ee waliin gumguman.Sana booda Tiraafiikichi konkolaataa keessa seennan obboo Galataan gocha konkolaachisaa hundaa itti himan.“Sareen mana nyaattee duttii’’ jedha Oromoo yoo mammaaku.Tiraafiikichis ishoo baga humnaan isin harkaa fuudhe.Fedha keessaniin yaabbattanii amma yakkamaa isa gochuuf natti himuu keessanii jedhee himata isaanii harkatti busheessee gadi bu’e.

Yaanni walitti bu.iinsaa konkolaachisaa fi obboo Galataan dubbatan kan armaan gadiiti.

…Konkolaachisaa: ‘’yehi sheebahu! Si nama takkaa konkolaataa yabbatee hin beekne har’a si yaabbifnaan attimmoo nu himattaa mitii?Yoo arrii mataa keetii laalan jaarsa fakkaatta. Ati garuu salphataadha.N amoota hamma kana keessaa kan kee maal caale?Doolaaramaalii baaste jedhee jaarsa guddaa biyyi ijaaf ilaalu salphise.

…Obbo Galataan: Gurbaa umrii ati amma irraa jirtu kana argeen darbee.Dargaggeessa sicaalus manaa qaba.Akkasitti waan haftu sitti hin fakkaatin.Ammayyuu dogoggora kee osoo hin argin jirtaa? Inni maqaaf hojii seeraan hojjedha jedhee karaarra dhaabbatuu fi ati hattuu akka taatan irra deddebi’een si hubbachisa hin dagatin! Kanammo har’a osoo hin taane gaafa seerri haalaan iddoo qabatee dhaloonni si’anaa kuni of bare himuuf akka jiru hin irraanfatin” jedhanii aariin dubbatan (isuma:50-52)

Waldhabbiikana irraa kana kan hubatamu malaanmaltummaan sadarkaa hunda irratti akka jiruudha.Kana malees bakka malaanmaltummaan jirutti aadaan wal kabajus akka hin jirreedha.waldiddaa kana keessatti yoo ilaallu, sababa konkolaachisaan kafaltii hamma ol fudhatee fi tiraafikiif matta’a kenneef jecha obbo galataan konkolaachisaa fi tiraafiikichaan walitti bu’an.

Karaa biraatiin waldhabbii kana irraa kan hubatamu,namoonni yeroo baay’ee faayidaa dhuunfaatiif jecha aadaa hawaasaa kan cabsaaniidha.Akkuma beekamu manguddoon hawaasa keessaatti ni kabajamuu.Konkolaachisaan kun garuu faayidaa isaatiif jecha manguddoo umrii dheeraa qabu obbo galataa jechoota jedhamuu hin qabneenarraabsuun isaa aadaa hawaasaatiif ilaalcha gaarii qabachuu dhabuu isaa nama agarsiisa.Gochoonni akkasii kunniin addunyaa haqaa keessattis haalan kan mul’ataniidha.

### 3.1.5. Waldhabbii Qoodataa fi Uumaa

Waldhabbiiwwan gosa kana kan uumamu, yommuu qooddattoonni sababoota garagaraatiin uumaa isaanii waliin wal mormaaniidha.

### 3.1.6. Waldhabbii Falmataa fi Uumaa

Walddhabbii kun sababa obboleessi Falmataa obseeraan carraan biyya Ameerikaa isa qaqqabee osoo hin deemin hafuu isaatiirraa kan uumameedha.Falmataan biyyaa bahee achi turee yoo gara biyyaatti deebi'u obboleessi isaa akka Ameerikaa jirutti maatii isaati irraa dhaga'e.Isuma kana mirkaneeffachuuf falmataan hiriyyaa obseeraa isa durii Olqabaa jedhamutti yoo bilbilee gaafatu akka mana sirreessaa jiru itti hime.Yeroo kana innis yaada kana haadha isaa aadde Biliseetti himuu sodaatee dhoksaa ture.carraasaa kanaaf baa'e gadde.

…''yaa waaq maaliif dachee kana gubbaatti na uumte? Jireenya koos akka mishingaa eelee ho'aa gubbaatti nammee goota? Boqonnaas na dhoorkattaa? Yakkii fi cubbuun sanyiin koo gochaa turan hundi dhaala ta'ee na qaqqabe jechuudhaa?'' jedhee uumaasaa komataa ture (isuma:39).

Yaada waldhabbiin Rabbiin kana irraa kan hubannu,wanta osoo hin yaadamin nama tokko muudatu hundi akka gocha uumaatti ilaalamu isaati.Falmataan waggaa dheeraaf maatii isaa irraa adda bahee turuunuu kan isa aarse,obboleessa isaa yoo dhabu daran aare ture. Oromoon mammaaksaan "cittoo irratti fanxoo" akkuma jedhu Falmataan yaada lamaan dhiphachuun uumaa komataa ture.Waldhabbii Falmataan uumaa wajjin taasise irra deddebi'ee kan mul'atuudha.Gaaf tokko Falmataan odeeffanno waa'ee obboleessa isaa obseera barbaaduuf haadha isaa eeyyamsiifatee gara Finfinnee deemuuf gara magaalaa Gimbiitti deeme.Falmataan guyyaa sana Gimbii bulee barii sana sa'aa 11:30 tti konkolaata seenee deemsa eegale. Falmataan hanga namoonni konkolaataa keessa taa'an waliin taphachaa haasa'aa deeman cal'isee taa'aa ture.Konkolaataa keessa namoota jiran hunda ija irra naannessee yoo ilaalu hunda isaaniyyuu gagammadoo fakkaatu.Innis ofitti deebi'ee yoo yaadu…"maaltu na gammachiisee jennaan kolfa yoom kolfii jiraadhu jedhee na uume'' jedhee keessa isaatti uumaa isaa komataa deema(isuma:103-104).

Waldhabbii kana irraa kan hubatamu dhalli namaa yeroo fedhii isaa guuttachuu dadhabu ofjibbuu isaati.Akkuma beekkamu namni tokko fedhiin isaa galma inni barbaadu ga'uufi dhabee daanga'ee yoo hafuu, uumaa isaa komata. Yaadni dhiibbaan humnaa olii hundi gama

uumaatiin kan nama muudatu ta'uu isaa nama barsiisa. Inni kun addunyaa qabatamaa keessattis kanuma mul'atuudha.

### 3.1.7. Waldhabbii xiinsammuu Qooddataa xiiqaa

Waldhabbii kun kan uumamu, yommuu qooddataan sammuu isaa wajjiin mormii uumuudha.Mormiin isaa kunis, wantoota sammuu namaa dhiphisan, kaayyoo fi fedha irraa kan madduudha.

### 3.1.8. Waldhabbii Falmataa fi Sammuu isaa

Falmataan ilma Yaaddessaati.Haati isaa Biliseedha.Falmataan obboleeyyan lama,Obseeraa fi Yaadanii qaba.Abbaa isaanii Yaaddessaan yeroo dargii dirree waraanaa deemee achumatti du'e.Falmataanis cunqursaa siyaasatiif jecha biyyaa bahee waggaa 15 turee dhufe.Yeroo inni dhufu obboleessi isaa isarra xiqqaan obseeraan mana hin jiru. Falmataan Obseera manaa dhabee waan du'e se'ee dhoksaan boo'aa fi gaddaa ture.Haadha isaas gaafachuu sodaate.Osoo akkasiin jiruu yaada armaan gadii sammuu isaatti yaade

… "Maal naaf wayya ? Yaa waaqayyo yoon gaafadhe qe'ee keenyaa kan gammachuu ta'ee jiru kun boo'icha ta'a.Lakki natti haa hafu hammeenyi dhoksaa hin qabu jedhama mitiiree? Yaadni biro immoo haati kooyyuu maal naan jetti Ilmikoo gara jabeessa akkamii ta'e jettee na ceephaati jedhee of komataa ture (isuma:23).

Waldhabbii

sammuu isaa kana keessatti uumame kana irraa kan hubatamu,haati takka dhalaataan hiriyyaa obseeraa olqabaa jedhamuu barbaaduuf gara mana isaanii deeme.Falmataan olqabaa mana dhabee abbaa olqabaa irraa lakkoofsa blbilaa olqabaa fudhate.Falmataan erga lakkoofsa olqabaa fudhate manatti galee booda haadha isaa biratti blilbilaa olqabaatatti bilbiluuf yaalaa turus olqabaa argachuu hin dandeenye.Mata duree haasa'aa jijjiiranii osoo taphachaa jiraanii yaadni tokko gara sammuu Falmataatti bilbile.Innis baay'ee rifate; fuulli isaa baay'ee gurraacha'e.yaadni gara sammuu isaa dhufe kunis:

… "Ani maalaan ta'e?osoo waan nama naasisu ta'eeyyuu harmee bira taaa'ee bilbiluun koo dogoggora guddaadha. Kanaaf, qofaatti erga bilbileen booda ergaa fi yaada argadhe yoon itti hime gaarii ta'a" jedhee sammuusaan murteeffate(isuma:32).

## 3.2. Ibsa Gabaabaa waa'eeKitaabicha fi Qooddattoota Isaa.

Kitaabni madda ciqilee jedhamu kun kan barreeffame nama maqaan isaa Israa'el Haabtaamuu Jedhamuun yoo ta'u, innis kan barreesse A.LA.Gurraan dhala,2013tti ture.Barreessaan kitaaba kanaa gosoota walddhabbii sadii kanneen akka:waldhabbii qooddataa fi qooddataa,waldhabbii qooddataa fi uumaa akkasumas waldhabbii xiinsammuu fayyadamuun asoosamicha barreessera.qooddatoonni ol'aanoon kitaaba kana keessatti argaman:obseera, hiriyyoota obseera shewaayinesh fa'adha.asoosamicha keessatti abbaa seenaa ta'ee kan ture obseera yoo ta'u innis godina wallagga lixaa aanaa hoomaatti dhalate guddate.Barnoota isaa kutaa 1-8 achumaM/barumsaa sadarkaa 1ffaa G/galeessa hoomaatti barate.Gara kutaa 9ffaatti yoo darbu immoo magaalaa gimbii deemuun M/barumsaa sadarkaa 2ffaa Gimbiiti barnoota isaa itti fuufe.barnootatti baay'ee cimaa waan ta'eef, akka mana barumsaatti qabxii gaarii galmeesseee mana barumsichaatiif maqaa gaarii bu'uureesse.

Erga barnoota qophaa'ina isaa xumureen booda akkuma fedha isaatti barnoota saayiinsii siyaasaa(political science)tiin yuunivarsiitii madda walaabuu isa gahe.inniis hedduu gammade.Obseeraan barnoota isaa ittii fuufee wagaa lammaffaa isaatti carraa biyyaa Ameerikaa argatee Obseeraan yaada isaa gara deemsaatti muteessee maatii isaatti nagaa dhaammatee hiriyoota isaa Olqabaa fi caalaa waliin gara magaalaa gimbiitti deeman.Guyyaa sana magaalaa gimbii bulanii finfinnee deemuuf hoteela magaalicha keessatti argamu kan maqaan isaa hoteela madda walaabuu jedhamutti siree qabatan.Achuma keessa dhugaati osoo wal affeeranii sirba Afaan oromoo dhaggeeffachaa jiraanii dalagduun hoteelichaa kan tata,ee shewaayinesh jedhamtu sirbicha gara Afaan amaaraatti waan jijjiirteef walitti bu'iinsi hoteelicha keessatti uumame.Sababa walitti bu'iinsaatiin Obseera fi hiriyoonni Obseera Caalaa fi olqabaanis mana sirreessaa galan.Ergasii booda hiriyoonni Obseeraa bahanis Obseeraan mana sirreessaatii bahu hin dandeenye.Sababa kanaaf carraan Ameerikaa deemuu Obseeraa jalaa darbeera. Madaa ciqilee 3-4.

### 3.3 Maalummaa Ergaa

Hog barruun hojii kalaqa sammuu dhala namaati, isaanis kaneen akka asoosama, do'ii, diraamaa, walaloo faa yoo ta'an, hundisaannii dhaamsaa yookssn Ergaa dabarsaan qabu. Haalumaa kanaan, Beektoonii adda addaa ergaa ilaalchisaanii yaada isaanii yeroo ibaas, hojii og barruu keessatti ergaan yaada gidduu galeessaa ta'eedha. Jedhu. Fakkeenyaaf harr shaw (1905:378) Akka ibsutti ergaa hojii Ogbarruu keessatti yaada giddu, galeessaafi ijoo ta'eedha jedha.

### 3.3.1. Xiinxala Ergaa Asoosamichaa

### 3.2.2. Xinxala Ergaawwan xixiqqoo Asoosamichaa

Ergaan hiika giddugala seenaa yookaan asoosama tokkoti. Yaadaa yookaan ijoo dubbii asoosaan dubbistoota dabarsuu barbaadeedha . kanaaf asoosamas ta'e barruun biroon dhimma irraatti barreeffaman mataa isaanii qabaatu. Haaluma kanaan ergaawwan Asoosama madaa ciqilee keessatti argaman yoo xiinxalamani:

### 3.3.3. Ergaa Xixiqqoo

Asoosamni tokko yeroo barreeffamu kaayyoo bareeffamuufi ergaa dabarsuu barbaaduu irratti bu'uurreeffateeti. Akkuma beekamu ergaawwan xixiqqoon ergaawwan gurguddoo gabbisuuf kan kaa'amaniidha. Kana malees ergaawwan xixiqqoon kan dubbistootin ergaa guddaa asoosama sanaarratti dabaluudhaan hiika mata isaanii itti kennaaniidha.

### 3.3.4. Ergaa Guddaa, ilachaa sabni amaaraa sabaa Oromoofi qabani.

Barreessaan asoosama tokko yeroo barreessuu kaayyoo barreeffamuufi ergaa dabarsuu barbaadu irratti bu'uureffatti. Haaluma kanaan ergaa guddaafi xixiqqoo irratti hundaa'uun kan barreessuu ta'ee, ergaa guddaan asoosama tokko kan barreessaan asoosamichaa dhimmaa irratti xiyyeeffatamu qabuudha. Jedhee asoosama isaa keessatti mul'isuudha. Akkuma beekamu sabni addunyaa kanaa irraa jiru marti saba aadaa ,afaan, seenaafi eenyummaa mataa isaa qabuudha.Haata'u malee ,yeroo ammaa saba oromoo fudhannee yoo ilaalluu saba aadaa,afaan,seenaafi ogbarruu mataa isaa qabu ta'ee osoo jiruu eenyummaa isaafi dhibbaan yeroo adda addaatti irraa ga'a haaluma kanaan,ergaan asoosama kanaa inni guddaan ilaalchaa sabni biro uumataa oromoof qaban kan ibsuudha.

Kanumaa irraa ka'uun lafa citee dhukkubbaa akkuma jedhamu, hojjettuun mana bunichaa waggaa lamaan dura manicha galte tokko erguma gara dachee orommiyaa dhuftee keessumaayyuu,gara magaalaa Gimbii hotela M/Walaabuu seenteeti kan isheen afaan saba bal'aa afaan oromoo dubachuu baratte .kan isheen baruuf dirqamteefis afaanichaa jaallat-tee osoo hin taane faayidaa dhuunfaa isheetiif. Kan isheen dhufte karaa kaabaa yoo ta'u hortee uummata semeetikii akka taate fuulashee irraayyuu ni beeksisa, kan malees, maqaan isheellee waamuuf dalga kan namatti galuufi maqaa oromoo kan hin taane Shewayinsh fiigichaan ariifattee muuz-iqaa taphachaa jiru rukuttee keessaa baaftee<<indeet>>yaasxallaal ye gaallaa zafan>> jettee sirba afaan amaaraa tokkogalchitee qofumashee duukaa sirbuu eegalte.Dargaggoota infaaffaafi quuqqaan gita bittumaa isaan dhoosuuf jedhu miti jaartiinuu

mirgaafi afaan isheef hin teessuuf yoo cimeef malee:Obseeraan fiigee irreessaa luka sangaa Hararafakkaatu sanaan saggooshee akka nama Handaqqoo qabuutti ol fudhee ishee rarraasee gadi dhiisee akkas inni sanyiinkee jaarraa tokkoof sabakoo Oromoo garboomfataa turan ga'uu didee jetnaan har'ammoo atis nutty deebitee? Nu biraa hin haftanii isin jedhee aaritiin qodaa qaruuraa isaa dura teessumarra jiru rukutee lafatti naqe. Manni bunichaa jeequmsaaf lolaan wal –keessa guute.intalli manichaa hojjettus hiriyootashee biro dabalattee qodaa qaruuraa biiraa fudhattee daddarbachuu eegalte. Sa'atiin murtaa'eef osoo meeshaan dhuka'u jiraatee waraana Eertiraafi Itiyoophiyaa fakkachuuf homtuu hin hafne. Safuu dha! Madaa ciqilee fuula 13-14

### 3.3.5. Ergaa Eenyuma ofi Beekuu dhabuu

Yeroo baay'ee wantooni akka hawaasni yookaan uummatin Oromoo eenyumaa, isaa aadaa, isaa akka inni haacucamuu wantonni dhiibaa irraan ga'aan kaneen akka sirnaa bulchinsoota biyyaa bulchaa turaani , amantaa kaneeni kuni dhiibaa guddaa irraan ga'uun isaani ni beekamaa.Kanumaa irraa ka'uun yeroo hawaasni yookaan uumaani oromoo immoo sirnaa kana ofi irraatti tole jedhee ittin magaaffattutu mul'ata.Kanumaa irraa ka'uun Oromoon kanneen isaa hin ibsineen of moggaassa.

Of jaje naan hin jedhin malee kan koollee afaan saba kootiin kan naaf baafameedha. Kanaaf, baay'een itti gammada: bareedaad- han jedhas. Fokkisaadha kanan jedhu immoo maqaa namoota baay'ee yoo ilaalte maqaa isa hin ibsine kan ormaan waamama. Kun kanneen sirna darbe keessa humnaan nutty fe'amaa turaniifi sabni keenya osoo hin beekin maqaa isaan dhalaaniif baasaniidha. Kana malees, namni baay'een gosa amantii hordofuu irratti hundaa'ee maqaa saba biro yeroo inni akka kan isaatiitti ilaaluudha.faakeenyaaf :ilmi Oromoo tokko amantaa musiliimaa hordofa yoo ta'e maqaansaa kan Oromoo osoo hin taane kan warra Arabaati . Maqaaleen kunis, Abdul Jab-aar, Abdul Jaliil, Alqaadiriifi k.k.f. karaa hordoftoota amantaa kiristaanaan yoo ilaalle immoo,Daawit,Phaawu-loos, Yohaannisiifi k.k.f. maqaaleen kun kan O romoo osoo hin taane kan saba warra adiiti. Akkasumas, hordoftootni amantaa Ortodoksiin ilee maqaa saanii yeroo baay'ee gara kan warra Hibruutti harkisu. Faakeenyaaf. Walda mikaa'el, Haay-ilamaariyaam, Haayile Giyoorgis kanneen jedhamaniidha. Maqaaleen kunis,sirnoota darban keessa Faayidaa guddaa qabu turan. Garuu,akkan beekuufi akkan hubadhuti kan nama biro adda adda ta'u akka danda'u naan hubadhu. Akka ani beekutti yoo ta'e maqaan bareedaadha kan jedhamu maqaa namummaan

namaa sana ittiin beekamu afaan sabasaan yoo moggaaf-ame: gariidha. Madaa ciqilee fuula 66-67

### 3.3.6. Dhugaa kallattii Siyaasaatiin

Lammeessaan Yuunvivarsiitii Finfinnee keessatti barachaa utuu jiruu yeroo barattoonni dubbii kaasani fi yeroo isaan walgayyii adda addaa qopheessani ijoollee dhibaa uummata irraa jiruu wareen dubbatan keessaa tokko wan ta'eefi kanaafu waa balleessee osoo hin taane ijoollee dhum gidduutti argamuu isaatiin. Lammeessaan baratаa dadhabina barnootaa qabu osoo hin taane.. sabaabaa mirga Oromoo kabajamuu qaba jedhee kanumaaf mana barnoota irraa dhorkaamee

Guyyaahar'aati eegalte mooraa gadi hin lakkisitu taanaan yakka biroon akka itti gaafatamtu beektee yeroon akka deemtu kan jedhu ture.Anis guyyaan gaafa sana moora Yuunivarsiitii gadi lakkise waanan jennata dhisee bahe natti fakkaatee jireenya abdii kutannaa keessan seene. Mana dhugaatii ati ittiin amma na arrabsitus aarii yeroo sanaarraan kan ka'een bare jedhee akka sa'a marga quuftee afuura baafatttuutti afuura dheeraa baafatee hanga darabeen haasaa isa gahutti areedasaa gadi dheeraa fo'uu eegale. Poolisichis kobbee ittiin barreessaa jiru teessumarratti rukkutee xiqqoo yaadee:Y aakki ati goote jedhamee Yuunivarsiitii si adabsiise'oo maali? Jedhee gaaffii xumuraa gaafate? Lammeessaanis, badi dalagde jedhan hin beeku. Garuu,kanan shakku guyyaa tokko dhimma hidha abbaayiin marii'chuuf jecha barattoota hunda wal ga'ii nu yaasanii turaan. Isaanis, yaadota baay'ee erga nuuf ibsaniin booda: gaaffiifi yaada jajjabinaa yoo qabaattan jennaan, anis yakka ta'a jedhee osoo hin yaadin yaada sammuu koo keessa deddeebi'u tokkon ibsadhe. Innis, ibsasaanii keessatti hawaasa biyyaa keenyaa hidha guddaa hamma eegalame kanaaf gumaacha gahaa akka taasisaniif akka,iin amansuuf gumaacha dandeenyaa? Isinoo karaa keessan akka nama barateetti akkamitti maattifi hawaasa naannoo keessanii kakaastu?hubannoos gonfachiiftu? Kan jedhu ture. Anis gaaffiisaanii kanaaf, akkamitti akka isaan hawaasakeenya osoo hin nyaatin nu nyaachisaa jiru amansiifatan himeef. Innis, dursa hawaasa kanaaf, mirgi hunda dursaee haa kennamuuf. Itti aansee, wanta hawaasi kun ijaan argu kanneen akka buufata fayyaa ganda gandarratti ogeessa fayyaa ga'umsa gahaa qabu waliin. Sababnisaa, hawaasni keenya hedduun ganda aanaarraa fagoorratti argaaman dhiibee wal'aansaa dhaba-nii du'aaf saaxilamaa waan jiraniif. Inni biroon immoo, baasii gibiraan gidiraa argaa waan jiraniif humanaa ol itti fe'uu dhiisatanii seeraan yoo ta'e, uummanni gummaacha qarshii osoo hin taane ofiisaayyuu waan hin laanneef hin qabu jedheen yaada koo kenneef. Garuu, deebii

ta'uun hafee,yakkamaafi farra tarsiimoo biyyattii jedhamee bala-leeffatamee osoo hin turin gaggeessaan naaf ta'e jedhee seenaasaa Yuunivarsiitii seenesseef. Yeroo Lammeessaan himuuf, poolisiin yakka qorachuuf taa'e akka nama oduu raadiyoo caqasuuttii dhaggeeffata. Erga dhaggeeffatee Xumureen boodas Yuunvivarsiitii Finfinnee jettan kunis nama ajaa'iba! Akkamitti barnoota qofaarraa si adaba? Tarkaanfiin sirratti fudhatame sitti xiqqaatee ati akka yaada keetiittii barattota hunda booddeetti deebisuufi gufuu tarsiimoo mootummaa ta'uun kaayyoo kee galmaan ga'aachuuf turte jechuundha. Kanaaf, nama ilaalcha hamaafi dhiphaa akka keetii ammas hawaasaa jijjiiruurra haa burjaajeessu jedhee gadi si dhiiseeree ati ammayyuu taanaann duubinkee qoraannoo guddaa barbaada. Kanaaf to'aan jala turta jedhee kanneen hafan sadanis qoratee yeroo barbaadamtanitti dhiyaattu jedhee akkasumas, Olqabaafi Caalaas maallatteessisee gadi dhise .. Uggum raajiidha! Jireenyi Addunyaa kanaa yoo hubata-nii ilaalaniif Okkotee jalaan urataatti irraan bishaan naquu fakkaata laata? Yoom guuta ? kan wal –caalee jirus yoom wal-qixxaata laata / Silaa guyyaa dhalootaa jalqabee namni hanga gaafa du'asaatti maqaa dhibba wal-moggaasa:madaa ciqilee 17-18

### 3.3.7. E rgaa Jaalala Haadhaa

Essattiyyuu haati baay'ee dhala ishee jaal'atti. Asoosama kana keessattis kan mula'atu .

Aaddee Biliseenis dubartii abbaan mana irraaa du'ee ta'uus ijoolee isheef kan baay'ee dhimituudha keessatti. Haata'u malee aadde Biliiseefi Yaadannoon ilkaan Falmataa ilaalu: keessisaa garuu, madaa ibiddaati . kana jechuun ibiddaa nama gube kan obsuuf illee namatti ulfaatu Adde Biliseen dafee Falmataan galuun deddeebi'ee gaaffii wan itti ta'eefi, Falmi ilmakoo nagaadhuma galte mitii? Waa'ee Obboleessa keetii odeefannoo argattee qabdaa? Anoo garaankoo isati daftee galteef na shakkee adaraa ilmokoo kan dhageesse yoo jiraate nah in dhokksin jedhan . harme nagaadha: dafee galuukoof shakkitan yoo ta'e yeroo ani hiriyootakoo waliin bashannanu isa ati Yaadannoo qofaa wajjin mana teessutu natty toluu didee jenneenen gale: osoon qaamaan achii tures sammuu koo isin bira waan yaaduuf turuu dhiisee gale. Maal ni sobda dura waggaa kudha shaniif yeroo ati mana hin turree'oo jechuu dandeessau. Garuu yeroo sana adeemsa dheeraa keessa ni dagattu jedhee yaadeeni jedhee amansiise. Shakkiin aadde Biliisees battaluma inni haasaa xumureen sammuusaanii keessaa. Bade. Amma fuulliisaanii ni ife. Ishoo ilmakoo isan yaadaan fagaadhe na deebiste jedhanii hojiif gola seenan(Isuma:98)

### 3.3.8. Ergaa Namaaf Gadduu/garaa lafummaa)

Namni nama ta'ee hanga jirutti amala garaagara qabaata. Amalli namaa hedduu ta'uu mala. Kunis jaalala, jibba, inaaffaa qabaachuu, walii gadduu ta'uu danda'a. Asoosama kana keessa kan mul'atu immoo,

yerooLammeessaan battaluma, konkolaataaan hospitaalaan geesseen ogeessonni fayyaa Lammeessaarratti wal-gahan. Inni kaan mataasaa tatarsa'e akka nama huccuu ciccite hodhuu walitti harki-see hodha. Kanneen biroon immoo qaamasaa biroof akka gahee ogummaasaanitti wal'aansa hodhuuf turan.

Erga xiqqoo itti fooyya'ee guluukosii irra dhaabanii qorichoota barbaachisan ajajaniifii kutaa ciisiichaa akka turuuf nama isa dhukkubsachiisutti himuuf yoo of duuba ilaalan namni tokkollee hin turre. Wanti godhamuuf yoo dhibu dirqamasaanii xumuratanii ogeessonni kutaa duwwaa keessatti isa dhiisanii gadi bahan. Akka seeraatti nmni tokko hospitaala ciisuun duratti garagaaraa qabaa- chuu qaba ture . Lammeessaan garuu, nama isa gargaaru hin arganne. Maatiisaa bira hin geenye: hiriyaasaa Gaaddisaa birattis hin hafne, muka mukarraa cite ta'e. Yeroo baay'ee namni jaalala biyyaa qabuufi biyyis isa jaallatu jireenya keessatti hin milkaa'u kun carraasaati Hara'a guyyaa tokko bulee lammaffaa eegaleera. Lammeessaan kutaa ciisu keessatti dagatameera hojjettoonni dhukkubsattootaaf nyaata deddeebisan yeroo kutaasaa dhaqan namni waan bira hin jirreef dirqamasaanii bahuuf soorata qabatanii dhaqan teessuma cinasaarra kaa'anii deebi'u. Lammeessaan garuu, ol jedhee soorata fayyadamuu mitii bakka ciiseeyyuu hin socho'u ture. Akkasumas, qorichoonni akka liqimsuuf ogeessaa fayyaan ajajameef hin bitamneef: namni deemee isaa bitu waan dhibeef waraqata qofatu mataasaa dura jira. Hamma xiqqoo fooyya'eera. Garuu, qorichi inni liqimsuu qabu hanga yoonaatti waan hin laatamneef baay'ee fooyya'uu hin dandeenye. Kana malees, yeroo bobbaan isa barbaachisu namni gargaaru waan hin jirreef erga hospitaala galee mana fincaanii osoo hin dhaqin kunoo guyyaa lama fixeera. Namni namni maal nyaatta, maal dhugda ittiin jedhu hin jiru. Abbaan dabaree dhukkubsattoota wal'aanuu har'aa Docter Caaltuu jedhamti. Dr. Caaltuun Shamarree qal'oo ilkaan kaarruu bareedinnishee baay'ee nama hawwatudha. Akkasumas dhaabbi toleettii- amallishee illee akkuma bifashee bareedu gara laafetti-idha. Ganama sa'aa 2:30 irratti hojii uffattee kutaa dhukkubsattootaarra deemtee osoo tajaajiltuu kutaa Lammeessaan cisu yoo seentu namni tokkollee isa bira hin jiru. Isheenis suuta itti siqxee cinasaa teessee obboleesso fooyyoftee jettee gaafatte. Eeyyee jedhe sagalee baay'ee xiqqoo Dr Caaltuun erga Lammeessaan kutaa

sana seenee hojiif mooraa seentee hin beektu. Balaa Lammeessaarra ga’es odeeffannoo dhagesse malee hin agarre turte isheenis, itti siqxee, balaa konkolaataan miidhamuukee dhaga’eera. Ogeessonni biros wal’aansa siif gochaa si gargaaru jettee gaafatte. Innis, akka namni eessa akka inni jiru hin beekne himeef. Seenaasaas jalqabaa qabee seeneesseef. Osuma inni seenaasaa tarreessuufii ijashee gara teessuma isa biraatti yoo ergitu, waraqata barreeffama ogeessaa fayyaan barreeffame argite: yoo hiixattee fuutee ilaaltu qorichi akka naaf ajaja-mee jiru ergan xiqqoo fooyya’ee nan beeka. Garuu, namni na gargaaru na bira waan hin jirreef kan naaf bitu hin argamne:utuu jiraates qarshii hin qabu. Qarshii dhibba lama kan qofas miti, sababa dhabakoof wal’aansi gahaan naaf godhamaa akka hin jirre nan beeka. Garuu, furmaati ani qabu asuma ciisee du’a eegachuu qofa jedhe. Akka seera ogeessa fayyaatti dhukubsataan akka fedhe yoo ta’ellee yookaan yoo haatisaa/ishee harkatti duuteyyuu boo’uuf seerri ogeessa fayyaa hin eyyamuuf. Garuu Dr .Caaltuun garaa akkasitti jabaatu uumamumaan hin qabdu. Isa gadduu bira teessee gadduufi ogummaa qabduun tajaajiluudha ture amallishee. Dr.Caaltuu erga rakkoosaa hubatteen booda amma wanti ani si gargaaruu danda’u, nama na gargaara jettee yaaddu yoo ni yaadatta ta’e ittin siif bilbila yoo hin jiru ta’es ani hanga gaafa ati fayitee baatuutti si gargaaruuf dirqama namuumaa nan baha. Kanaaf, waan tokkoof akka of hin dhiphisne jettee sagalee jajjabinaa kenniteef yeroo sana irraa jalqabee keessaasaatti fayyina horate, sagalee isa duraarra fooyya’een ishee galateeffachaa, bilbilaa hiriyaasaa Gaadisaa itti hime. Dr. Caaltuunis , Gaaddisaatti bilbiltee firri kee tokko dhukkubsatee hospitaala Adveentistii waan jiruuf kutaa lakk.12’tti barbadi jettee gara Lammeessaatti ol deebite. Akkuma ol deebiteen waraqata irratti qoricha ajjajameef fuutee kutaa qorichaa deemtee qarshiisheen bittee deebite. Qoricha bittee dhufte kana liqimsiisuun duratti akka inni soorata fayyadamaa hi jirre waan hubatteef qorichicha achuma keessee hojjettuu manasheetti bilbiltee soorata qopheessi dhugaatii lallaafaa waliin ariifadhuu hospitaalatti fidi ittiin jettee.Madaa ciqilee 83-84

### 3.3.9. Ergaa Guddaa asoosamichaa

Ergaa guddaan asoosama tokko kan barreessan asoosama tokkoo dhimma irratti xiyyeeffatamuu qabua jedhu asoosama isaa keessatti mul’isuudha.

### 3.4. Hariiroo waldhabbiifi Ergaan Asoosama madaa ciqilee keessatti Qaban

Barreessaan asoosama tokkoo seenaa asoosama isaa keessatti ergaa dabarsuu barbaade yoo qabate waldhabbiiwwan uumuudhaan ergaa dabarsuu barbaade hammachiisee hawaasa biaan ga'a. Waldhabbiin hin jiru taanaan asoosamni humna horatee gara fuunduraatti deemuu hindanda'u. Waldhabbiin sun immoo ergaa dabarsu qaba. Waldhabbiin hin jin jiru taanaan immoo wanti barreeffame sun seenaadha malee asoosama miti.

Akkuma asoosamani humna horate gara fuulduraatii deemuuf waldhabbiin barbaachisu ga'umsa waldhabbii sanaaf immoo ergaa ni barbaachisa jechuudha asoosama kana keessatti waldhabiiwwan armaan dura ilaallee osoo hinjiran ta'ee ergaan irraa hubatamu hin jiru yookiin asoosamichi ergaa dabarsuu hinqabu . kanaafuu waldhabbii ergaa asoosamaa lubbuu kan horachiisudha.

Kutaa darbe keessatti akkuma ilaalle namoota waldhaban hawaasa waldhabaniifi nama ofii wajjin waldhabde argina waldhabuus ta'ee ofiin of dhabuun ka'umsa yookiin taate yoo ta'u ergaan achiirraa argamu oo ga'umsa yookiin bu'aa ta'a kunijs hariiroo kallattii waldhabbiifi ergaan waliin qaban nuyttii agarsiisa akka fakkeenyaattii ergaa guddaa asoosama kanaan fudhannee yoo ilaalle bu'aa waldhabbii fakkaattotni asoosamicha keessatti qooddchiifaman raawwataniiti , kanaafuu hariiroo waldhabbii fi ergaa asoosama waliin qaban akka armaan gaditti hubachuun nidanda'.ama .

- Waldhabbiin hinjiru taanaan ergaa asoosama sanaan darbu hinjiru ergaan barbaadame akka darbuuf waldhabbiin jiraachuun dirqamaa ta'a .
- Ergaa asoosama tokko kan hubatamu njalqaba hamma dhumaattii ta'iiwwan qooddattoonnii waldhabuun raawwatan irratti yoo xiyyeeffatamee qofaadha
- Waldhabbii uumamerraa ergaan argame kan hawaasicha ijaaruufi guddina fuulduraaf tumsa godhu yoota'e jajjabeeffamuun akka itti fufu gochuu, kan aadaa sabaaf siyaasa hawaasichaa keessatti balaaleffatamu yoo ta'emmoo dogoggorichi birraa deebii'amee akka hin uumamnee f karaa giddu galreessa ta'een irratti hojjetamudhaan hordoffiin barbaachihsu akka fudhatamuuf karaa saaqa akkasumbas waan irraa ofeeggachuun malu irraas akka

Walumaa galatti hariiroo waldhabbii fi ergaan waliin qaban hariiroo qurxummiifi bishaanitti yoo jenne dhugaa hin hallamneedha.

# BOQONNAA AFUR:

## GUDUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

### 4. Guduunfaa

#### 4.1. Xumura/Conclusion

Qorannoon kun haala walii galaan xiinxala waldhabbiifi Ergaa Asoosama **Madaa Ciqilee**irratt kn hundaa'eedha. kana keessatti immoo adeemsa heedduun deemameera . sababni isaa qorannoon adeemsa waan ta'eef Ademsi kunneenis sakkatta'a barruu walfakkii fi yaadrimee waa'ee ergaa fi waldhabbii irratti jiran ilaaluu isaa tokkodha . yaaxinoota waa'ee ergaafi waldhabbii irratti jiran ilaaluun kanneen asoosamicha keessan walsimachisuu qorannoo adeemsifameedha . gama birootiin akaakuuwwan waldhabbii asoosamicha keesatti argamanif ergaan kallatti garaagaraan mul'atan xiinxalamanii keessatti ibsamaniiru Asoosamichi kallattii seenessuu sadaffaa kan seeneffameedha . barreessan akaakuuwwan waldhabbiiwwaan xiqqaatuu uumame. Sana irraa ka'uun guddachaa deemee waldhabbii guddaan uumameera. Fakkeenyaaf, Dargaaggoota Oromoo fi shewneshet osoo mana dhugaati jirani yeroo isaan itti sirbaa dhageefachaa jiraniti isheen immoo sirbaa afaan Oromoo jijjirte sanatti wal dhabbiin isaan gidduutti ta'ee kana malees waldhabbii Obbo Gaalataa fi Konkoolachisaa gidduutti uumame waldhabbii guddaaf bu'uura ta'eera. Kana keessatti wanti hubatamuu qabu waldhabbiin Xiqqoon uumamanii guddachuun dame horatanii finiinarra ga'uu isaaniiti. Kana malees waldhabbiin asoosama kana keessatti akka lafee dugdaatti argama.

Gama maloota waldhabbii jiran fayyadamuun immoo yoo ilaalamuu waldhabbii asoosama kana keessatti argaman qindaa'ina qabu. Sababni isaa waldhabbii inni tokko isaa tokkof ka'umsaa ta'a inni kun immoo isa biraaf ka'umsaa ta'a haala kanaan sabseena asoosamichaa hanga dhumaatti ijaaraa waan deemuuf gara qindaa'inaan gaariidha.

Amanaamummaa kan jedhu irratti haalli ittiin barreessaan qooddattoota qooddachise bifa amanamummaa qabuuni waldhabbii isaanii gidduutti wanti qooddattoonni dubbatanis dhimmuma dhugaatti hawaasa keessa jiru ijaa ta'eef dhugaa irraatti hundaa'ee qooddachiseera jechuun ni danda'ama . waldhabbii asoosama kana keessa walgittiinsaa niqaba. Asoosam,a kana keessa tti qooddataa inni tokko isaa biraa caaluun wanti deemame hin mul'atu sababii kanaaf hanga xumura ykn ergaa dabarsuuyaale bira ga'utti barreessaan waldhabbii humnoota walmorman gidduutti adeemsifamu wal madaalchiseera. Kunis ergaa

dabarsuuf barbaadame bira akka dhaqqabsiisuuf gargaara faayidaan yoo ilaamu immoo waldhabbii uumame hundi asoosamichsaa bu’aa buuse niqaba.

Ergaa ilaachiseeimmoo barreessan asoosama kana keesstti ergaa xixiqqoo fi gurguddoo fayyadamuun dhimmoota garaagaraa irratti dabarsuu danda’eera kunis kallatti dinagdee siyaasaa, fi hawaasummaa ergaa isaa dabarseera .ka na malees ergaan firiiwwan asoosama biro kanneen akka qooddataa, waldhabbii fi yoomeessaa waliin dhufeenya akka qabu qorannaa kana keessatti ibsamaniiru .

Barreessan asoosama kanaa akaakuuwwan waldhabbii jiran haa fayyadamu malee waldhabbiin asoosama kana keessatti mulatanisi waldhabbiiwwan jiran kunis qooddaataa fi qooddataa, hawaasa waliinii qooddataan uumama waliinii fi ofii isaa waliini kan fayyadame yoo ta’u mormii qooddataan teeknoolojiiwaliin taasisuttii hin fayyadamne . fayyadamuun isaa dirqima osoota’uu ta’anii asoosdama kana keesatti kan mul’atu miti jechuudha.

Haala waliigalan barreessaan tokko asoosama ga’umsa qabu barreessuuf amaloota waldhabbiin qabaachuu qabu gonfaachiisee barreessuu qaba. Kanaa yoo ta’e asoosamichi dubbisaa hawwachuu fig alma barbaadame bira ga’uu danda’a. Kanaan alas akaakuuwwan waldhabbii hanga danda’ameen osoo fayyadamee gaarummaa qabaata.Sababni isaa garti waldhabbiii martinuu ergaa ofii isaan waan qabaniif. Ergaas yoo ta’e barreessaan ergaa dhimmaa garaagaraa dabarsaa yoo deeme ergaa isa guddaa dabarsuu barbaade galmaan ga’uu ni danda’a sababni isaa immoo dhimmuma tokko xiyyeeffatee kan deemu yoo ta’e dubbistoota nuffisisuu fi akka hin dubbisne illee taasisuu danda’a kanaafuu barreessaan asoosamni inni barreessu kan ga’umsa qabu. Ulaagaa asoosamaa guute taasisuuf barreessaa irraa wanti eegamu:

- Waa’ee waldhabbii asoosamaa irratti hubannoo ga’aa qabaachuu qaba. Kanas dhimmoota yookaan yaaxinawwan waa’ee waldhabbii jiran dubbisuun hubannoo isaa
- As keessatti amalootaa fi akaakuuwwan isaan sirriitti addaan baasee yoo beeke asoosama barreessu keessatti haalaan itti fayyadamuu danda’a

Kaayyoonqorannoo kana ogbarruu oromoo keessaa asoosama dheeraa**Madaa Ciqilee** jedhu irratti hundaa’uun waldhabbiifi ergaa asoosamicha keessa jiru qaacceessuudha.Asoosamni kun caaccuulee garagaraa of keessaa qaba.Isaan keesaa muraasni yoomessa, namfakkii,ergaa fi waldhabbiidha.Caacculee kanneen keessaa qorannoon kana keessatti waldhabbiinfi ergaan

asoosama dheeraa madaa ciqilee jedhu xiinxalamee jira.waldhabbiin walitti bu'iinsa humnoota lama gidduutti taasifamuudha. Kana malees dhalli namaa jiraachuuf jecha gadda,, gammachuu, dhiphinaa fi rakkina adda addaa isa qunamu moo'achuuf qooddataan sammuusaa wajjiin waldhabbii kan uumamu ta'uun isaa ibsameera.

Isaan kanneen xiinxaluufi mala qorannoo al lakkoofsawaatti fayyadamuun karaa madda oddeeffannoo sadarkaa tokkooffaa fi kitaaba qorannootti dhimma bahamee jira.Oddeeffannoo kanneen funaanuufis meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka sakatta'a dookumanti,barruulee fi meeshaalee qorannoo kanaan walqabatan,akkasumas qorataan kitaaba qorannoo irratti adeemsisee jiru.irra deddeebiin dubbisuun ragaan kan qaacceeffameedha

## 4.2 Argannoo

Qorataan qorannoo kanaa argannoowwan armaan gadii argachuu danda'eera.

- Barreessaan asoosamichaa haala ijaarsa waldhabbii yeroo barreessu faffaca'ee kan jiru ta'uun hubatameera
- Akaakuu waldhabbii hedduu barreessaan asoosamicha osoo hin barreessin bira darbuun waldhabbii hanga tokko qofatti fayyadamuun asoosamicha barreessuun ifa bahee jira.
- Barreessaan asoosamicha waldhabbii'lee jiran hunda isaanii sadarkaalee walddhabbii shanan kanneen akka ka'umsa,olka'aa deemuu,fiixeerra gahuu,gadi bu'a deemuu fi furmaata argachuu waldhabbii eeguun barreessuu dhabuun bira gahamee jira
- Walddhabbii haala addunyaa dhugaa waliin wal bira qabuun barreesaan asoosamicha kan barreesse ta'uun sakatta'ameera.

## 4.3 Yaada Furmaataa

Akka qorataa qorannoo kanaatti yaadni furmaataa:-

- Barreessaan asoosama fulduraaf yeroo barreessu haala ijaarsa waldhabbii walduraa duuba isaanii eegee barreessuu qaba.Kun yoo ta'e dubbistoota haalaan hawwachuu danda'a.
- Gosoota walddhabbii jiran hunda isaanii asoosamicha keessatti fayyadamuun barreessaan asoosamicha barreessu qaba. Kun midhaagina waldhabbii asoosamichaaf baay'ee gaarii waan ta'eef dubbistoota keessatti kaka'umsa uumuu danda'a.

- Barreessaan asoosamicha sadarkaalee waldhabbii shanan isaanii fulduraaf tartiibaan fooyyeessee osoo barreesse gaariidha
- Barreessaan kun walddhabbii asoosamicha keessatti argaman haala addunyaa dhugaa ibsuu danda'aniin barreessee jira.Barreessitoonni biros haaluma kanaan barreessuu qabu.

**WABIILEE.**

Asaffaa Tafarraa.(2009).eelaa, seenaa ogummaa oromoo: Finfinnee:Fax east trading PLC.

Abdurrii Abdul jajiil.(2009) Xiinxala Ergaa Asoosama Kabire Waado Gadaa waraqaa qorannoo digiri baachilaar artii afaan oromoo, ogbarruu fookiloorii Gamisaan guttachuuf dhiyaatee, Yuunivarsiitii Addis Ababa( kan hin maxxanfamne)

Birhaanuu Maatiwos.(2013).Fundamentals of Leterature Third Edition. Alpha PLC. Addis Ababa.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013).Suubii,Bu'uuralee ogbarruu oromoo, Finfinnee Oromiyaa.

Israa'el Habtaamuu.(2013). Madaa ciqilee. Finfinnee Oromiyaa

Melaknesh Mangistu. (1999).Fundamentals of Letrature for college:Addis Ababa.

.(1994). World book.Encyclopedia vol.7 United state of America.

Misgaanuu Gulummaa.(2012).Yaadanoo:Ogummaa fi Ogwalaloo oromoo. Finfinnee Oromiyaa.

Zarihun Asawu (1992). Yesina tsuf masarawii ween Addis Ababa University

**Waraqaa mirkanneeffannoo**

Ani qorataan maqaan fi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsa. Kanaan duraas Yuunivarsitii kamitiyyuu kam keessatti qorannoo eebaatiif kan hin dhiyaanne ta'uu isaa akkasumas, wabiilee qorannoo kanaan fayyadame haala seera qabeessaa ta'een fudhaadhee wabii keessa galchuu koo na mirkaanneessaa

Maqaa________________________________________

Mallattoo____________________________________

Guyyaa______________________________________